

**SAKATTA'A FEDHII BARNOOTA AFAAN OROMOO  
BARATTOOTA MAGAALA JIMMAA AFAAN OROMOON  
AFAAN LAMMAFFAA ISAANII TA'E**

**QORATTUUN: - AMALAWARQ SIYYUM**

**QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI  
OGBARRUU BARSIISUUN GUUTACHUUF QOPHAA'EE,  
YUUNVARSIITII JIMMAA, KOOLLEJJIISAAYINSII HAWAASAAFI  
HUMANIITIITTI, MUUMMEE BARNOOTAFAAAN OROMOOFI  
OGBARRUUUF DHIYAATE**

**HAGAYYA 2013**

**YUNIVARSIITI JIMMAA**

**YUUNIVARSIITII JIMMAA KOOLLEEJJI SAAYINSII HAWAASAAFI  
HUMAANIITII DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OG-BARRUU**

**SAKATTA'A FEDHII BARNOOTA AFAAN OROMOO BARATOOTA  
MAGAALA JIMMAA AFAAN OROMOON AFAAN LAMMAFFAA  
ISAANII TA'E**

**QORATTUUN: - AMALAWARQ SIYYUM**

**GORSAAN: CIMDII WAAQUMAA (PIRO-GARGAARAA)  
GARGAARAA GORSAAN DR: ALAMAAYYOO FAQADAA**

**HAGAYYA 2013**

## **Mirkaneessa**

Waraaqa qorannoo kana dhuunfaa kootiin jalqabaa kaasee hanga xumuraatti ulaagaa inni guutuu qabu guutuudhaan hojjedhee xumureera. Bifa seera afaan hojii nama biraan irraa kan gargalfamee jiru akka hintaane nanmirkaneessa.

## **Qorattuu**

Maqaa: - AMALAWARQ SIYYUM

Mallattoo\_\_\_\_\_

Guyyaa\_\_\_\_\_

Akka gorsaa yuuniversiitiitti, waraaqa qorannoon kun qorumsaaf akka dhiyaatan Kanaan mirkaneessse ta'u koo beksisa

## **Gorsaa**

Maqaa\_\_\_\_\_

Mallattoo\_\_\_\_\_

Guyyaa\_\_\_\_\_

## **Koree Waraaqa Qorannoo Kana Miirkaneessa**

Maqaa

Mallattoo

Guyyaal

Gorsaa Dursaa Cimdi Waaqumaa (Pr. Gargaaraa) \_\_\_\_\_

Gorsaa Gargaaraa Dr. Alamaayyoo Faqadaa \_\_\_\_\_

Qoraa Keessaa Dr. Teshoomee Belaayineeh \_\_\_\_\_

Gorsaa Alaa \_\_\_\_\_

## **GALATA**

Qorannoo kana jalqabaa kaasee hanga xumuraatti inni nagargaare Waaqa guddaaf galanni haatu'u. Itti aansuun gorsaa koo Piro.Gargaaraa Cimdi Waaqumaafi Dr. Alamaayyoo Faqadaa jalqabaa kaasee hanga dhumaatti gorsaafi yaada naaf kennuudhaan nagargaaruu isaaniif haagalattooman. Akkasumas yeroo hunda najajabeessuun kan nagargaaraa ture abbaa manaakoo Darajjee Firdiisaa baay'ee galateeffadha. Kana malee ijjoolee koo Iyyasuu Darajjee, Kaaleeb Darajjeefi Ibsaa Darajjee haamilee naaf kennaafi nadeegaraa turuu isaaniif guddaan galateeffadha.

## AXAREERAA

*Qorannoonaan kun kan gaggeeffame manneen barnoota Jimmaa sadarkaa Iffaa, Giinjoo, Mandaraafi Hibrat yoota'u, kaayyoon qorannichaas, Sakatta'a fedhii Barnootaa Afaan Oromoo barattoota Magaala Jimmaa Afaan Oromoonaan afaan lammaffaa isaanii ta'e sakatta'uudha. Xiyyeeffannoonaan qorannichaas maalummaa afaan lammaffafii waa'ee fedhii afaan lammaffaa irrattidha. Kaayyoo kana galmaan ga'uuf meeshaan ragaan sassaabame barattoota, barsiisota, habuurraraa dareefi sakatta'a barruu barattoota gargaaramuu walitti qabame bargaaffidhaan barattoota mala carraatiin iddattoodhaaf filataman 163(%30) irraa funaaname. Afgaaffiin barsiisota Afaan Oromoo barsiisan sadii fudhachuuun funaaname. Akkasumas tokko tokkoo barsiisotaa bira marsaa sadii seenuun daawwannaan daree gageeffamefi sakatta'a barruu barattoota ilaalamuu walitti qabame. Malli odeeffannoonaan itti funaanamefi qaaceeffame mala makaati. Odeeffanon mala ammamtaatiin argame gabateefi dhibeentaadhaan kaa'uun ibsi itti kennname qaacceeffame. Malli akkamtaatiin argame immoo ibsaan dhiyaate.*

*Yaanni xumuraa qorannichaa akka agarsiisutti fedhii barattooni Afaan Oromoo kutaa 5-8 barachuuf qaban giddu galeessa ta'ufi barsiisonni fedhii barumsichaa barattoota isaanii keessatti uumuuf carraqanis gadaanaadha. Waantoonni Fedhii barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffatti barachuuf qaban irratti dhiibbaa geesisuu danda'aniis naamusa daree eegsisuu dhiisuu, Afaan Oromoonaan akka isaan hinfayyadnetti fudhachuuunfi hubannoo dhabuu, yeroo baratan Afaan Amaaraa malee Afaan Oromoonaan dubbachuu rakkachuu, sababa wayitiin xiqaachuurraa kan ka'e shaakala gahaa ta'e gochuu dhiisuufi barsiisonni duub deebii gahaa ta'e kennuu dhiisuudha. Fedhii barattoota Afaan Oromoo baratan irratti dhiibbaa geessisan furuuf barumsa tiitoriyaalii kennu, walitti dhufeeyaa barataafi barsiisaa cimsu, ofitti amanamuummaa barattoota olguddisufi wayitii Afaan Oromoof ramadame dabaluudha.*

*Argannoonaan kana bu'uureeffachuun gaaffii ka'umsa qorannoonaan kanaaf furmaata ta'uu danda'a jedhe malli baruu barsiisuu kan barataa giddu galeessa godhate osoo ta'e, barumsichi yeroo kennamu Afaan Amaaraan makamuu baatee Afaanuma Oromoonaan osoo kennname, barumsi Afaan Oromoo kutaa tokko jalqabee kennname, wayitiin Afaan Oromoof ramadame jiru osoo dabale, barattooni yeroo shaakala adda addaa godhan duubdeebiin barsiisotaan Kennamuun osoo jajjabeeffaman fedhii qabaatan gaariidh.*

## BAAFATA

QABIYYEE	FUULA
Galata .....	i
Axareeraa .....	ii
BOQONNAA TOKKOO: SEENSA .....	1
1.1 Seenduubee Qorannichaa.....	1
1.2 Ka'umsa Qorannicha .....	3
1.3 kaayoo Qorannichaa.....	4
1.3.1 Kaayyoo Gooroo.....	4
1.3.2 Kaayyoo Gooree .....	4
1.4 Barbaachisummaa qorannoo kanaa.....	5
1.5 Daangaa Qoranichaa .....	5
1.6 Hanqina Qorannichaa.....	6
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU .....	7
2.1 Maalummaa Afaan Lammaffaa .....	7
2.2 Faayidaan Afaan Lammaffaa Barachuun qabu.....	7
2.3 Waantoota Afaan Lammaffaa Barachuu Irratti Dhiibbaa Fidan.....	9
2.4 Afaan Lammaffaa Barachuu Keessatti Rakkoolee Mudatan .....	9
2.4.1 Rakkoolee Daree Barnootaa Ilaalchisee .....	11
2.4.2 Rakkoolee Barsiisotaa Ilaalchisee.....	11
2.4.3 Mala Baruu Barsiisu .....	12
2.4.4 Meeshaalee Deegarsa Barnootaa .....	12
2.4.5 To'annaa Daree Barnootaa .....	13
2.4.6 Rakkoolee Barattootaa Ilaalchisee.....	13
2.4.7 Faayidaa Barataniif Walaaluu.....	13
2.4.8 Rakkoo Naamusaa .....	13
2.4.9 Rakkoo Ilaalchaa.....	14
2.5 Maalummaafi Madda Fedhii.....	14
2.6 Faayidaa Fedhiifi Onnachiiftuu .....	15
2.7 Fedhii fi kaka'umsa.....	17
2.8 Sakatta'a Qorannoo Walfakkaataa.....	18

2.9 Yaadiddama Qoranichaa Irratti Hundaa'u .....	20
<b>BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA .....</b>	<b>22</b>
3.1 Saxaxa Qoranno .....	22
3.2 Irraawwatama Qorrannichaa .....	22
3.3 Iddatoo fi Adeemsa Iddatteessuu .....	23
3.4 Meeshaaleen Odeeffanon Ittiin Funaaname.....	23
3.4.1 Bargaaffii Barattootaa.....	23
3.4.2 Afgaafii Barsiisotaa .....	24
3.4.3 Daawwanna .....	24
3.4.4 Sakatta'a barrulee Barattootaa .....	25
3.5 Adeemsa Qorannichaa .....	25
3.6 Mala Qaaccessaa Ragaa.....	26
<b>BOQONNAA AFUR: RAGAA QINDEESSUU QAACCESSUUFI HIIKUU .....</b>	<b>27</b>
4.1 Odeeffanno Barattootaafi Barsiisotaa .....	27
4.1.1 Odeeffanno Dhuunfaa Barattootaa Ilachisee Jiru .....	27
4.1.2. Odeeffanno dhuunfaa Barsiisotaa Kennanii .....	28
4.2 Dhimmoota Fedhi Barattootairraatti dhibbaa taasisan.....	29
4.2.1 Barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammafatti baratan afaanicha barachuuf fedhii hammamii qaban .....	29
4.2.2 Waantoota Fedhii Barattootaa Afaan Oromoo akka afaan lammafatti barachuuf qaban irratti dhiibbaa geesiisuu danda'an .....	36
4.2.3 Barsiisonni Barattoota Keessatti Fedhii Afaan Lammaffaa Itti Horuuf Tattaaffii Taassisian .....	39
4.2.4 Rakkoolee Fedhii Barattootaa Afaan Oromoont Akka Afaan Lammaffaatti Barachuuf qaban Irratti Dhiibbaa Geesiisuu Danda'an .....	43
4.3 Qaacceessa Ragaa gaaffiilee banaa ta'an irraa aggame .....	47
4.4 Qaaccessa Ragaa Sakatta'a Barruu Barattootaa .....	48
<b>BOQONNAA SHAN: CUUNFAA GOOLABAIFI YAADA FURMAATAA .....</b>	<b>48</b>
5.1 Cuunfaa .....	48
5.2 Goolaba .....	49
5.3 Argannoo.....	50

5.4 Yaada Furmaataa .....	51
<b>Wabii.....</b>	<b>53</b>
MulistuuA: AfgaaffiiBarsiisotaa Deebi'u.....	55
Mulistuu B Bargaaffi Barattootaaf dhiyaate .....	56
Mulistuu C: Unka Mirkanneeffanna Daawwanaa daree .....	59
Qabxii Daawwanna Dareef Qophaa'e.....	59
Mulistuu D. Odeeffanna Daawwanna Daree Iraa Argame.....	62
Mulistuu E: የአዲን አርጥና የስነ ስህተት ክፍል፤ ለተማሪያዎች የቀረበ የጊዜ መጠይቅ .....	65

## **Tartiiba Gabateewwanii**

Gabatee 1 Ragaa Odeeffannoo Dhuunfaa Barattootaa Agarsiisan.....	27
Gabatee 2 Ragaa Odeeffannoo Dhuunfaa Barsiisota Kennanii.....	28
Gabatee 3 Barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammaffatti baratan afaannicha barachuuf fedhii qaban ilaalchisee.....	30
Gabatee 4 Fedhii Barnoota Afaan Oromoo Barachuuf Kanneen miidhan ilaalchisee.....	36
Gabatee 5 Barsiisonni Barattoota keessatti Fedhii Afaan Oromoo Itti Horuuf Caraagan Ilaalchise.....	39
Gabatee 6 Fedhii Afaan Oromoo Barattoota Afaan Lammaffaa Barachuuf rakkoo itti ta'an.....	44

## **BOQONNAA TOKKOO: SEENSA**

### **1.1 Seenduubee Qorannichaa**

Afaan mallattoo eenyummaa saba tokkooti. Yaada kana Addunyaan (2014, f1), “Afaan sagalee dubbiitiin kanfayyadamu mallattoo eenyummaafi baattuu aadaa hawaasaa tokkoo kan ta’e meeshaa walqunnamtiiti.” Jedha. Kanaafuu faayidaan afaanii inni guddaan walqunamsiisuuf oola. Mallattooleen biraajiraataniis hanga afaanii kan milkaa’ina, fedhii, duudhaa, barsiifata, gaddaafi gammachuu goonfachiisu hinjiru. Akkasumas afaan meeshaa dhalli namaa ittin waliigalu keessaa isa baay’ee olaanaa ta’uu isaafi afaan malee waa’ee dhala namaa yaaduun akka hindanda’amnedha, Jindala, (2005, f. 5).

Daa’immaan maatiifi naannoo isaaniirraa afaan tokkoffaa isaanii ergaa baraniin booda garamana barumsaa dhufuun kanbarumsa itti baratan immoo afaan lammaffaa isaani ta’a. Afaan lammaffaa barachuun jechuun akka Ritgerotil (2013) ibsutti, afaan lammaffaa barachuun adeemsa itti afaan kamiyyuu afaan dhalootaan booda, akka afaan lammaffaa, sadaffaas ta’e arfaffaatti kan baratamu dha. Kanaafuu, afaan dhalootaan adda kan ta’e afaan baratamu kamiyyuu afaan lammaffaa jedhama.

Afaan lammaffaa barachuun jechuun akkuma afaan tokkoffaa dhuunffachuu jechuu miti. Sadarkaa sadarkaa ittiin waliigalani irra geenyaan, ergaa barbaadamu ittiin dabarsuufi fudhachuu dandeenyaan gahaadha. (Muniandy, Nair et al 2010). Haata’u malee, afaan dhaloota ofiin barachuun bu’uura dandeettii afaan lammaffaati. Danddeettiin qabiyyeefi beekumsa xinqooqaan afaandhalootaan takka baratame afaan lammaffaa barachuun barattootaaf baay’ee murteessaa akka ta’e nihubatama. Commins (2000) durumaa jalqabee olaanttumaan afaan tokko biyya keenya keessatti dagaagee waantureef fedhiin afaan biraatiin barachuun kan amaleeffatame miti. Kanuma irraa ka’uun namootin hedduun naannoo Oromiyaa keessatti dhalatanii guddatanii hanga umuriin isaanii wagga 30fi isaa ol jiraatanii Afaan Oromoo dubbachuufi barreessuu otoo hin beekiin faranijiin biyya alaatii dhufuun ji’oota muraasa keessatti nagaa gaaffachuus ta’e Afaan Oromootiin ergaa dabarfachuu, fudhachuuifi waliigaluun yeroo carraaqani argina. Kun immoo fedhii qabaachuu isaanii agarsiisa. Dhalli namaa afaan lammaffaa yeroo baruuf yaalu kana immoo al tokkotti barachuun danda’ a jechuu otoo hinta’iin waan adeemsa keessa barachaa deemuu danda’udha.

Haaluma kanaan namoonni yeroo afaan lammaffaa baratan rakkoo isaan mudatu ilaachisee beektoota garaagaraatiin qorannoona taasifameera. Qorannoona gaggeeffame kunis adeemsa afaan barachuun keessatti rakkoon jiru maali? kan jedhuuf sababii deebii kana deebisuuf yaalan hubachuun ni danda'ama. Kunis sababa garaagaraatiin hawwaasni tokko hawwaasa biroo waliin makamee jiraachuu isaatiin akka ta'e beekamaa dha jechuun (Baye, 1987; f.7) ibsa. Kanaaf namni tokko afaan lammaffaa barachuuf maaliif akka isa barbaachisu beekuun barbaachisaa ta'a.

Barumsa afaan lammaffaa barachuun keessatti immoo fedhiin bakka guddaa kan qabu fi barattootaa afaan lammaffaa barataniif humna jabaa kan kennuufii dha. Kana malees, fedhiin kaka'umsa yookiin kaayyoo fixaan bahinsa fi ilaalcha afaan barachuuf qaban kan guddisu dha. Fedhiin jirenya nama tokkoo keessatti gocha raawwatamu tokkoof fiixaan ba'iinsa karoora akkasumas hawwii hojii yookiin barumsaaf murteessaa dha. kana malees, fedhii barattoonni barachuuf qaban kan midhamuu danda'u ilaachii fi hubannoona barumsichaaf isaan qaban yoo gadi aanaa ta'e dha. Travers (1963, f.87) Yaada kana cimsuun, barachuun fedhii barattoonni barumsichaaf qaban irratti akka hundaa'ufi ilaalcha barattoonni barsiisaa, mana barumsaafi barumsa sanarratti qaban haala baruufi barsiisuu keessatti dhimma ijoo xiyyeffannoo barbaadu ta'uu ibsa.

Hojii baruufi barsiisuu haala gaariin galmaan gahuuf barattoota barumsa isaanirratti fedhii itti horuun dhimma xiyyeffannoo guddaa barbaadudha. Yaada kana irratti Aggarwal (1995), Kaka'umsi fedhii akka uumu, fedhiinis xiyyeffannoona akka jiraatu kantaasiisu ta'uu, xiyyeffannoona jiraachuun immoo barumsi haalaan akka baratamu kan taasiisu akka ta'e ibsa.

Walumaagalatti Fedhii Barnoota Afaan Oromoo barattoota afaan lammaffaa isaanii ta'e barumsi kennamu bu'aa qabeessa gochuun barattoota galma barbaadamu biraan gahuuf gaheen ogeeyyi barnootaa iddo guddaa qaba. Barsiisaan oggummaa beekumsaan lammii qaruuti. Kanaaf barnoota qulqullina qabu barattoota Afaan Oromoo afaan lammaffaa baratan kanneen biraan ga'uun bu'aa qabeessummaa barumsichaaf firii isaan galmeessisanin mirkanneeffachuuun kan danda'amu adeemsa ogeeyyi kanaan sakatta'uun ciminaafi hanqina jiru yeroon adda baafachaa yoodemani qofaadha. Haala kanaan barattoota afaan lammaffaa baratan qulqullina barnootaa eegsiisuuf jijiirama barattoonni galmeessisan madaalaa deemuun ga'ee barsiisota isa guddaa ta'a.

Dabalataanis, qorannoон kun yaada beektonni waa'ee afaan lammaffaa ilaalchisee barreffama dhiyyeessan fi qorannoo namoonni gaggeessanii turan kan bu'uureffate dha. Haaluma kanaan manneen barumsaa sadarkaa tokkoffaa magala Jimmaa keessatti barattoota kutaa 5-8<sup>ffa</sup>tti kan barataan, garee barnoota Afaan Amaaraatiin baratan irratti qorannoон kun gaggeefame. Kana keessaa barattoota kutaa 5-8 tti baratan garee Afaan Amaraa Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti kan baratan akka burqaa iddattotti qabaman irratti hojjechuuf filadhe. Barattootni garee kanaa kutaa shanii eegalaniii Afaan Oromoo akka afaan lammaffatti baratu. Xiyyeeffannoон kun manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa magala Jimma keessaa mana barumsa Hibiret, Jimmaa sadarkaa 1<sup>ffa</sup>, Mandara fi Ginjoo marsaa lamaffa kutaa 5-8 tti jiran keessaa Afaan Oromoo akka afaan lamaffaatti baratan qofa kan ilaallatu dha.

## **1.2 Ka'umsa Qorannicha**

Fedhiin waan tokko baruufis ta'e bira gahuuf bu'uura dha. Barnoota afaan lammaffaa qofaa osoo hin taane waan hojjetamu hundaaf fedhiin murteessaa dha. Oddeeffannooleen adda addaa akka ibsutti yeroo baay'ee barattootni sadarkaa gidduu galeessatti argaman fedhii isaan afaan barachuuf qabani gadi aanaa dha. Kana ilaalchisee Abiye (1998), akka ibsutti "What appears to be the root cause of these low grades is the lack of motivation in the language classroom." jedha. Kana jechuun kutaalee gadi aanaatti rakkoleen ijoo kutaa keessatti afaan barachuuf sababa ta'an hanqina kaka'umsa dhabuu ti jechuun niibsa

Dhimmoonni qorannoo kanaa waa'ee Sakatta'a Fedhii Barnoota Afaan Oromoo barattoota Magaala Jimmaa Afaan Oromoona afaan lammaffaa isaanii ta'e mata duree jedhu kana irratti qorattuun akka qorattuuf ishee kakaase waggoota 20 oliif yeeroo barsiisaa turteefi yeroo ammaas barsiisaa jirtu irraa ka'uun waan argaafi dhaga'aa akkasumas odeeffannoowwaan barsiisota manneen barnoota biraa barsiisan irraa odeeffanno walfakaataa ta'an irraa qabduunidha. Kunis barattoonni kutaa 5-8tti barnoota Afaan Oromoo itti barachaa turaniifi fedhii isaan barnoota afaan lammaffaa kanaaf qaban maal fakkaata kanjedhu sakatta'uun adda baasuudha. Akkasumas barsiisonni Afaan Oromoo afaan lammaffaa barsiisan tokko tokko fedhii barattoonni barumsa kana irratti qabaniin walqabsiisuun barsiisonni dabaree Afaan Amaaraa barsiisuu irraa kanneen dabaree Afaan Oromoo akka filatanfi barattoonni Afaan Oromoo afaan lammaffaa isaanii ta'e kunis akka fedhii hinqabaanne qorannoон mirkanneeffachuuqorattuukakaase.

Walumaagalatti afaan lammaffaa barachuuf fedhiin murteessaa waan ta'eefi daa'iimmaan sabaafi sablammootaa naannoo oromiyaa keessatti argaman keessumattuu Maagaala Jimmaa sadarkaa tokkoffaa ijoolee afaan barnnoota isaanii Afaan Amaaraa ta'eefi kutaa 5<sup>ffa</sup> irraa jalqabanii Afaan Oromoo akka afaan lammaffatti barataniif sirni barnootaa BBO qopheeseen hojiirra ooleera. Haala kana keessatti garuu amma yoonaatti fedhiin barattootaa kun Afaan Oromoo Akka Afaan lammaffatti barachuuf qabanfi fedhii barattoonnifi maatiin barattootaa irratti qaban sakatta'amee waan hinbeekneef kallattii kanaan qorannoo kana gageessuudhaan qaawwaa jiru sakatta'uun barbaachiisaa ta'ee argameera. Kanas galmaan ga'uuf gaaffiin bu'uuraa qorannichaa kanneen armmaan gadii jiran ta'u.

1. Barnoota Afaan Oromoo kutaa 5-8 akka afaan lammaffatti baratan afaannicha barachuuf fedhiihammamii qabu?
2. Rakkolee fedhii barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffatti barachuuf qaban irratti dhiibbaa geessiisuu danda'an furuuf maalfaatu taasifamuu qaba?
3. Barsiisonni barattoota isaanii keessatti fedhii afaan lammaffaa itti horuuf ammam tattaafatu?
4. Waanttoonni fedhii barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffatti barachuuf qaban irratti Dhiibbaa geessisuu danda'an maalfa'i?

### **1.3 kaayoo Qorannichaa**

#### **1.3.1 Kaayyoo Gooroo**

Kaayyoon gooroon qorannoo kanaa fedhii barattoota baranoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffa isaanitti baratan sakatta'uuf kan qophaa'e dha.

#### **1.3.2 Kaayyoo Gooree**

Kaayyoo gooreen qorannoo kanaas kanneen armaan gadiiti.

1. Barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammaffatti baratan afaannicha barachuuf fedhii hammamii akka qaban adda baafachuuf.
2. Rakkolee fedhii barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffatti barachuuf qaban irratti dhiibbaa geessiisuu danda'an furuuf maalfaakka godhamuu qabu beekuuf.
3. Barsiissonni barattoota keessatti fedhii afaan lammaffaa itti horuuf yaaluu isaanii adda baafachuuf.

4. Waanttoota fedhii barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammafatti barachuuf qaban irratti dhiibbaa geesisuu danda'an ibsuuf.
5. Argannoo qorannichaarratti hundaa'uun yaada furmaataa kaa'uuf

### **1.4 Barbaachisummaa qorannoo kanaa**

Kaayyoon guddaa qorannoo kanaa sakatta'a fedhii barnoota Afaan Oromoo barattoota afaan lammafaa isaanii ta'e adda baasuun beeksisuun dha. Haaluma kanaan qorannoон kun fedhii dhabuu afaan lammaffaa barachuu irratti dhiibbaa dandeettii barattootaa irratti qabu fi ga'ee dhimmamtooni fedhii barnoota afaan lammaffaa hojiirra oolchuu keessatti qaban ibsuuf qooda guddaa qaba. Kanaafuu waraqaan qorannoo kun haalaan bu'uura jedhaman armaan gaditti tarreefamaniif barbaachisaa ta'ee mul'ata.

Qorannoон kun qaamolee kanneen akka barattootaa, barsiisotaa sadarkaa tokkoffaa, hawaasa naannoo fi gara fuula duraatti qorannoo mata duree kana irratti hojjetaniif nibarbaachisa. Qaamoleen kun bu'aa qorannoo kana iratti hundaa'uun rakkolee jiran addaan baafachuun furmaata karaa isaanii kaahuuf isaan gargaara. Barattooni sadarkaa tokkoffaa fedhii barnootaa Afaan Oromoo afaan lammaffaa isaanii ta'e fedhii, ilaalchaa fi dandeetti isaan afaan lammaffaa isaaniif qaban hubatanii akka foyyeffataniif baay'ee isaan gargaara. Akkasumas barsiisota mana barumsaatiif mala baruu barsiisuu fedhii barattooni afaan lammaffaa isaaniif qaban foyyeesuun qulqullina barnootaa Afaan Oromoo fiduuf nifayyada.

### **1.5 Daangaa Qoranichaa**

Qorannoон gaggeeffamu kun bakki isaa naannoo Oromiyaa Godina Jimmaa bulchiinsa magaalaa Jimmaa mana barnootaa Hibiret, Mandaraa, Jimmaa sadarkaa 1<sup>ffaa</sup>fi Giinjoo magaala Jimmaa Sadarkaa tokkoffaa manneen barnoota mootummaati. Manneen barnootaa kana keessatti kutaa 1-8 tti dabaree lamaaniin Afaan Oromoo fi Afaan Amaaraatiin barumsi ni kennama. Qorannoон kunis barattoota kutaa 5-8 tti Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan irratti kan xiyyeefate ta'ee, kanneen Afaan Oromoo kutaa 5<sup>ffaa</sup> tti jalqabani baratan manneen barnootaa Mootummaa magaala Jimmaa irratti xiyyeefachuu jedhu daangeessuun hojjechuuf qorannichaas murteesseera.

## **1.6 Hanqina Qorannichaa**

Qorannoonaan Fedhii Barnoota Afaan Oromoo Barattoota Magaala Jimmaa Afaan Oromoo afaan lammaffaa isaanii ta'e sakatta'uuf tattaaffiin taasiffame keessatti hanqinnooni jirani kanneen akka sakatta'a baruu odeeffannoo lammaffatti Afaan Oromootiin argachuu dhabuu, barreeffamoonni afaan alaatiin jiran yemmuu Afaan Ormootti jijiraman guutummaa guutuun hiikaan walfakkachuu dhabuu, akkaata qo'annichaa irratti muuxannoo gahaa dhabuun dhiphachuu yemmuu ta'u, gama barattootaan immoo odeeffannoonaan jiruufi deebii quubsaa ta'e kennuu dhiisuun hanqina qorannichaa ta'ee argameera. Dabalataan rakkoon dhukkuba kooronaa akkuma guutummaa biyyaatti irratti qaqqabeen manneen barnootaa cufamuu irraa kanka'e kan bara 2012 karoorfame ture gara bara 2013tti darbuun isaa odeefannoonaan manneen barnootaa irraa yeroo lammaffaa fudhachuu dadhabii qabaachuufi qorannoonaan kun akka yaadameen hinhojjetamiin hafuun hanqina qorannichaa ta'eera.

Haata'umalee yeroo jirutti fayyadamuu barruulee garaagaraa sakatta'uun qorannoonaan garaagaraa mataa duree Kanaan walfakkaatan sadarkaa MA walmadaalan gara mata duree kanatti fiduun walfakkeenyaaifi garaagarummaa jiru ilaaluun danda'ameera.

## **BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU**

### **2.1 Maalummaa Afaan Lammaffaa**

Afaan lammaffaa jechuun afaan dhalootaa kan hintaane fi afaan dhalootaa irratti dabalataan afaan bararatamu fi dubbatamu dha. Akka Einar Garibaldi. (2013, f. 1-2), jedhutti “Any other language apart from the first language called a second language.” jechuun ibsa. Afaan kamiifyuu afaan dhalootaan ala kan baratamu fi dubbatamu hundi afaan lammaffaa jedhama. Akka biyya keenya Itiyoophiyaatti immoo namni tokko afaan tokkoo ol kan dubatu baay’ee dha. Gara naannoo Oromiyaattis yoo dhufne afaan hojii naannoo Oromiyaa Afaan Oromoo yoo ta’e iyyuu afaan biroo yookaan afaan lammaffaa kan dubbatan danuu dha. Haata’u male, afaan dhalootaa isaanii ala kan ta’ee afaan baratamu fi dubbatamu kun afaan lammaffaa jechuu dha. Kana jechuun immoo afaan lamaa ol kan barachu fi dubbachuu danda’an illee akka jiran ni beekama. Kun immoo akka afaan sadaffaafi arfaffaatti fudhatama.

Galmee jechootaa Oxfordi keessatti akka ibsametti biyya Ixaaliyaanitti ijoolleen martinuu afaan dhalootaa isaanitti dabalanii afaan lammaffaa akka baratan ibsa. Kunis akka hubatamutti sababiin afaan lammaffaa baratn namoota gosa afaan garaagaraa dubbatan wajjiin akka waliigaluu danda’aniif dha. Namoonni kana hin hubanne tokko tokko garuu afaan tokko qofa dubbachuu gaarii isaanitti fakkaata. Keessumatuu naannoon Oromiyaa afaan hojii Afaan Oromoo osoo ta’uu beekanii Afaan Oromoo dubbachuu fi barachuuf fedhiin qabani baayyee gadi bu’aa dha. Kunimmoo jiruufi jirenyaa isaaniirratti dhiibbaa garaagaraa ittifiduu danda’a.

Masarat Zawudee (2008), Stephen (1988, f 101), waabeffachuun,” Afaan baruufi barachuu ilaachisee ga’eessonni afaan lammaffaa barachuu yookaan dandeettii Afaanii foyyeesuuf karaa lama akka qabanidha kan ibsu. Isaaniis baruufi barachuudha.” jedha. Afaan baruun kaka’umsa gadi aanaafi xiinsammuu irratti kanhinxiyeyeffanne yemmuu ta’u,” Afaan barachuun kaka’umsa gaarii ta’een itti yaadamee naannoo manneen barnoota idilletti raawwachuun foyyaa’inni Afaan barachuu argama.” jedha.

### **2.2 Faayidaan Afaan Lammaffaa Barachuun qabu.**

Afaan mallattoo eenyummaa saba tokkoo meeshaa riqichaa ta’ee beekumsa dhalootaa gara dhalootaatti dabarsuu dha. Uummanni Oromoo waggoota hedduu darban keessa afaan isaatiin gargaaramee seenaa, falaasama, aadaa fi og-barruu akkasumas, eenyummaa isaa akka hin

kabachiifanne dhiibbaan irra gahaa tureera. Ta'ullee dhiibbaa irra gahaa tureef osoo hin jilbeefatiin Afaan Oromoo guddachaafi daggaagaa sadarkaa amma jiru irra gaheera.

Haaluma kanaan Afaan Oromoo afaan hojii naannoo Oromiyaa fi afaan barumsaa ta'uu irra darbee yeroo ammaa afaan hojii Mootummaa Federaala Itiyoophiyaa akka ta'uu murtaa'eera. Kanaafuu sabaa fi sablammoonni naannoo Oromiyaa keessa jiraatan hundi ofii isaaniis ta'e ijoollee isaanii yoo barsiisan bu'aan irraa argatan guddaa dha. Sababiin isaa Uummata Oromoo ballaa ta'e kana wajjin waliigaltee guddaa uumuudhaan tokkummaan gidduu uummataa akka cimu gargaara. Kanaafuu barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti dubbataniif Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti si'aayinaan yoo baratan faayidaan irraa argatan guddaadha. Einer Garbaldiinis (2013, f. 7) faayidaa afaan lammaffaa barachuu akka kanaatti ibsa. “Bilingual children tend to perform better than monolingual children in many language tasks. In fact, children who become bilingual in those family environments could become more efficient and productive learners.”

Ijoollonni af-heddee dubbatan kan afaan dhalootaa qofaa dubbatan caalaatti hojii isaaniitti gahumsa akka qaban dha. Dhugaatti ijjoolleen maatii isaanii uummata af-heddee dubbatan keessa jiran barumsa isaaniitiin gahumsa kan qaban fi bu'aa qabeessa akka ta'an ibsa. Ijoolleen afaan lama dubbachuu danda'an warra ijoollee af-tokkee qofa ykn afaan dhalootaa qofa beekan irra barumsa isaaniitti galma gahumsa qabu. Sababiin isaa barattooni kun barumsa isaaniitti barattoota afaan tokkee caalaa gahumsa qabaachuu kan danda'aniif kallattii adda addaan uummata naannoo isaanii afaan garaagaraa dubbatan waliin waliigaluu isaan dandeessisuu isaatiidha. Dandeettii afaan garaagaraa dubbachuu qabaachuun isaanii kunis waan namoota biroo irraa barachuu qaban barachuuf isaan gargaara.

Barattootni afaan lammaffaa akka baratan gochuuf kaka'umsa isaan keessatti uumuun baay'ee barbaachisaa akka ta'e ni ibsama. Akka Pandey (2005, f.79) jedhutti, “Motivation, defind as the ipetus to create and sustain intentions and goal-seeking acts, is important because it determines the extent of the learner's active involvement and attitude toward learning.” Kaka'umsi jiraachuun isaa barattoota fedhii isaanii barumsicha irratti akka xiyyefatan gochuudhaan amananii akka ofitti fudhatan fi si'aayinaan akka hordofan fi galmaan akka gahan humna guddaa ta'aafii kan jedhu dha. Kanaafuu barumsa afaan dhalootaan ala afaan lammaffaas barachuun

jirenya naannoo yookiin hawwaasa baay'inaan keessa jiraatan waliin waliigaltteedhaan jiraachuuf, akkasumas jiruu fi jirenyi isaanii bu'aa qabeessa akka ta'u gochuu keessatti shoora guddaa taphata.

### **2.3 Waantoota Afaan Lammaffaa Barachuu Irratti Dhiibbaa Fidan.**

Afaan lammaffaa barachuu waantoonni dhiibbaa fidani ilaalchisee yoohedumina qabaatanis, Masarat Zawudee (2008), qorataa afaanii kanta'e George, Yule (1996, f 192) waabeffachuu. akka armaan gaditti ibsa. Afaan lamaffaa barachuu irratti waantootni dhiibaa fidan umurii, yoomeessafi sodaadha jechuun ibsa.

Afaan lammaffaa barachuuf yoomeessi kutaa keessa gahaa akka hintaaneef hawaasa afaan sana dubbatu naannoo mana barumsaa jiraatan afaan lammaffaa dareen alatti barachuun barbaachisaa akka ta'e, Yule, (1996, f 193) ibsa. Ijoolleen ofbeekan kanneen xixxiqoo ta'an caalaa waan sodaataniif afaan lammaffaa yemmuu baratan dogoggora raawwachuu dandeenya jecuun sodaachuufi dhiphachuu danda'u. kun immoo akka afaan lammaffaa kana bilisa ta'anii offitti amanamummaa hinbaranneef danqaa itti ta'a jechuudha. George Yule (1996, f.192) ibsa. kanaan barattooni Afaan Oromoo afaan dhaloota isaanii hintaane yeroo akka afaan lammaffaa baratan offitti amanamuummaafi sodaachuun waan dogoggora uuman itti fakkaachuun akka afaanicha sirritti hinbaranne dhiibbaa itti ta'a.

Akka naannoo oromiyatti yoofudhanne barattooni Afaan Oromoo afaan lammaffaa isaanii ta'e kutaa 5<sup>ffaattii</sup> jalqabanii Afaan Oromoo baratu. kuni immoo barattonni kuni umuuriin isaanii waan dabalaan deemuuf akka kutaa gara gadiitti bilisaafi sodaa tokko malee barachuuf akka afaan tokkoffaa isaanii ta'uu dhisuun fedhiin barumsa kanaaf qaban laafaa waanta'uuf dhiibbaa itti ta'uu danda'a.

### **2.4 Afaan Lammaffaa Barachuu Keessatti Rakkolee Mudatan**

Barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan manneen barnootaa magaala Jimmaa keessatti argaman maal akka ta'e hubachuun barbaachisaa dha. Akkuma waliigalaatti afaan lammaffaa barachuun rakkoo mataa isaa akka qabu ni beekama. Dhimma kana ilaalchisuun qorattooni baayyeen qorachuudhaan irratti hirmaataniiru. Isaan keessaa tokko kan ta'e, (Barriers to language learning and acquisition: By DDEUBEL, December 12, 2010) qorannoон

isaa akkana jedha. “Learning a second language isn’t easy. There is a lot that can get in the way. It isn’t as automatic or sure as we had supposed. Depending on the person ther can be some high barriers to learning another language.”

Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barachuudhaaf rakkoon yoo jiraate iyyuu barachuun garuu kan nama gaafachiisu miti. “For many learners of second language, multiple factors complicate learning the oral component of a new language.” (Blogs NTU). Barattoota baay’eef barumsa lammaffaa barachuun rakkoo wal xaxaa ta’etu argama. Sababii isaas qorattooni biroo akkas jechuun ibsu. “Learners’culture can be a barrier to second or foreign language learnin Cultural differences may cause confusion and cultural misunderstandings learning a second language means learning to speak and comprehend it.” (Mar 20, 2014). Yaadni kunis barattoota afaan lammaffaa baratanitti aadaan keessa jiraatan gufuu isaanitti ta’uu ibsa. Kun immoo kan ta’u garaagarummaa aadaa fi maalummaa aadaa irratti beekumsa dhabuutiin kan ka’e jechuu dha. Haaluma kanaan barattoota afaan lammaffaa baratan irratti gufuu ta’uu kan danda’n;

1. Kaka’umsa hawwaasaa yookaan maatiin isaanii afaan lammaffaa dubbachuuf qaban laafuu.
2. Kaka’umsa barsiisotaa fi hirmaannaan mana barumsaa keessatti qaban xiqqaachuu fi maaltu nadhibeen bira darbuu.
3. Afaan Oromoo jalqaba irraa (Oolmaa Daa’imman irraa) kaasee barachuu dhabuu.
4. Kutaa 5<sup>ffaa</sup> irraa eegaluun Afaan Oromoo barachuun barattootaa warra kutaa 1<sup>ffaa</sup> irraa Jalqabanii baratan waliin ofilaaluun haamileen isaanii xiqqaachuufi Kanneen kana fakkaatan rakkoo ta’uu danda’uu.
5. Baradhee faayidaan irraa argadhu maali? Jechuun faayidaa irraa argatan hubachuu dhabuufi kanneen kana fakkaatan rakkoo ta’uu danda’a.

Yaada kanaa olitti ibsame beektonnis akkanatti deegaru. “Environment that is not conducive to language learning further adds to the problem,” (Jalaluddin etal, 2009). Uummanni naannoo afaan barachuu keessatti yoo hin hirmaanne rakkoo akka uumuutti fudhatamaa jedha. Kanaaf barattooni magaala Jimmaas rakkolee kana sirriitti hubachuu qabu jechuu dha. Akka (Bolinger, 1968) jedhutti “Language is a very important means of communication. It is very difficult to think of a society with out language. It is sharpening people’s thoughts and guides and controls their entire activity. It is a carrier of civilization and culture.” Afaan meeshaa

waliigaltee namootaa waan ta'eef baay'ee barbaachisaa jechuu dha. Saba tokko beekuuf afaan irraan ala hin danda'amu. Afaan uummataa hojii yookiin gocha isaanii yaadafi qajeelcha to'achuudhaan gara qaroominaatti kan geessu ta'a. Kun immoo gara qaroominaatti daandii ceesuu dha.

Rakkooleen fedhii barattootaa barumsa afaan lammaffaa isaanii qaban irratti kanneen rakkoo itti ta'an baay'innaan jiraachuu malanis, akka adeemsa baruu barsiiuu yeroo ammaa haala barumsi itti kenamaa jiruun yoo fudhatmee, rakkolee daree barnootaan, rakkoo barsiisaafi barattootaan waliin walqabate akka fakkeenyatti ilaaluu nidanda'ama.

#### **2.4.1 Rakkoolee Daree Barnootaa Ilaalchisee**

Barumsi daree barnootaa keessatti itti kennamu barattootaaf mijataa ta'uu qaba. Barattoonni barumsa kennamu irratti gammachuufi kaka'umsa akka horatan gochuun fedhii isaanii gara barumsatti kan fidu ta'uu qaba. Harmer (1991) akka ibsutti, haalli daree barnootaa hojii baruu barsiisuu irratti gahee ol'aanaa kan qabuufi fedhii barattootaan gara ciminaatti yookiin laafinatti jijiiruu kan danda'u ta'uu ibseera. Kanaaf rakkoon daree barnootaatiin walqabatee mul'atu yoojiraate furmaata itti kennun akka barattoonni barumsa kennamu irratti fedhiin hirmaataan hala mijeessuun murteessaadha.

Yaaduma kana irratti Bantiin (2014), Atkins fi kaawan (1995) waabeffachuun, haalli daree barnootaa kan barattoota kakaasu akka ta'e gochuuf bal'inni dareefi baay'inni teessoo lakkofsa barattootaatiin kan walsime ta'uu; qulqullinni daree kan eegame ta'uu; kutaan ifa gahaa qabaachuu; akkasumas, meeshaaLEE deegarsa barnootaatiin kan guutameefi miidhagaa akka ta'uu qabu ibsa. Akkasumas, dareen barnootaa hirmaanna barattootaatiin kan walqabatufi barattoonni

barumsa kennamu irratti si'aayinaan akka hirmaatan taasisuuf daree barnootaa hawwataafi mijataa gochuun fedhii barattoota barumsa kennamu irratti guddisuun murteesssaa akka ta'e agarsiisa.

#### **2.4.2 Rakkoolee Barsiisotaa Ilaalchisee**

Barsiisaan barumsa qulqullina qabu barattoota biraan gahuuf isa hangafaafi murteessaadha. Kanaaf barsiisaan barattoonni barumsa haala gaariin baratanii iddo guddaa gahuu qabu jechuun

gahee isaa bahachuufi akka milkaa'an gochuuf dursa fedhii isaanii kakaasuun barnooticha jaal'chiisuu qaba. Bantiin (2014), Wright (1987, f 125) waabeffachuu, mana barnootaa keessatti gaheen barsiisaa hedduu akka ta'eefi barsiisaan akka abbaa, haadhaa, gorsaa ta'ee gahee hedduu qabaachuu isaafi gaheen isaa inni guddaan qajelchuufi hooganuu akka ta'e ibseera.

Adeemsa baruu barsiisuu keessatti rakkoleen jiran ilaachisee fedhii barattoonni barumsaa isaaniif qaban irratti gadi aanaa taassisan keessaa kanneen akka meeshalee deegarsa barnootaa fayyadamuu dhiisuu, to'annaan baratootaa laafuu, mala baruu barsiisuu, wayitii barnootaa gubuu, meeshaalee barnootaa kitaaba barataan ala fayyadamuu dhiisufi k.k.f haala baruu barsiisuu irratti rakkolee barsiisotaan walqabatanidha.

#### **2.4.3 Mala Baruu Barsiisuu**

Mallii baruu barsiisuu ammayyaa ta'e fayyadamuuun barattoota barsiisuun barumsa kennamu sana galmaan gahuuf mijataadha. Malli barsiissonni barnoota kennuuf hojiirra oolchan fedhii barattootaa irratti shoora guddaa qaba. Akka Harmer (1991, f 5) ibsutti, malli dhiyeessa barnootaa fedhii barattootaa barumsaaf guddisuus ta'e xiqqeessuuf gahee guddaa qaba. Malli kun kan barattoota gidduu-galeessa godhate (kan barataa hirmaachisu) fi kan barsiisaa giddu galeessa godhate (moofaa)jedhamuun iddo lamatti quodama. Malli kun kan barataa giddu galeeffate yoota'e hirmaannaan isaanii cimaa deemuun fedhiin isaan barumsaaf qaban guddachaafi dagaagaa deema. Akkasumas malli barattoonni itti baratan barsiisaa kan giddu galeeffate yoo ta'e garuu hirmaannaan isaanii waan hinjirreef fedhiin isaanii gadii bu'aa ta'a. Akka yaada haayyuu kanaatti malli barattoonni barsiiffaman fedhii isaanii keessatti kan bu'aa fiduu danda'u ta'uu mala.

#### **2.4.4 Meeshaalee Deegarsa Barnootaa**

Meeshalee deegarsa barnootaa fayyadamuu barsiisuun barattoota keessatti kaka'umsa uummuun barattoonni barumsa baratan sana jaalachiisuun fedhii isaan olguddisuun hirmaanna Isaanii olaanaa gochuun nidanda'ama. Barsiissonni meeshaalee deegarsa barnootaa dabalataan kutaa keessatti fiduun barsiisuu qabu. Yaada kana Bantiin (2014), Brown (1994) waabeffachuu yoo ibsu, barsiisaan kitaaba barataa qofaa fayyadamuu osoo hintaane meeshaa deegarsa barnootaa mijaa ta'an filachuun itti barsiisuu qaba. Kanaaf barumsa kennamu keessatti gaheen meeshalee deegarsaa barnootaa ol'aanaa ta'uu isaa hubatamuu qaba.

#### **2.4.5 To'annaan Daree Barnootaa**

To'annaan daree barnootaa haala seera qabeessa ta'een adeemsa baruu barsiisuu karaa mijataa ta'een fayyadamuun barumsi akka galmaan gahu gochuuf gargaara. Barsiisaan barumsa qulqullina qabu baratoota biraan gahuuf dursa gochawwan daree keessaa to'achuu danda'uu qaba. Yaada kana ilaalchisee Harmer (1991, f 181), to'annaan daree adeemsa barsiisaan haala baruu barsiisuu gaarii uumuuf mala filatamaa fayyadamuun gocha daree keessaa mara to'achuufi madaaluun kaayyoon barumsaa akkaataa barbaadameen galmaan geesisuu danda'uu akka ta'e ibsa.

#### **2.4.6 Rakkolee Barattootaa Ilaalchisee.**

Fedhii Barattooni Barnoota Afaan Oromoo barachuuf qaban irratti dhiibbaan geessisan hedduu ta'aniis, kanneen akka rakkolee naamuusaa, faayidaa barataniif walaaluu, rakkoo ilaalchafi fedhii kan jedhan keessa muraasa ilaalla.

#### **2.4.7 Faayidaa Barataniif Walaaluu**

Barattooni barumsa kennamu faayidaa barataniif yoohinbeekne kanneen fedhii isaaniirratti danqaa ta'an keessaa tokkoodha. Barumsa kennamu faayidaa qabu akka gaariitti beeknaan kaayyoo barbaadame gahuuf cimanii baratu. Yookana ta'u baate garuu barumsaaf iddo kennuu dhiisuun fedhiin qaban gadi aanaa ta'a.

Barattooni afaan lammaffaa isaanii baratan dhiibbaa eenyummaafi xiinsammuu isaaniirra ga'u barumsa akka jibbaniif akkasumas eenyummaa isaanii jibsiisu irratti gahee olaanaa qaba (Muhammad, 2014, f14). Akkuma yaada beektoota adda addaa kana irraa hubatamutti barattooni haala gaariin barachuuf inni guddaan yooafaan dhalootaan baratan dadamqina barattootaa keessatti uumuun afaanoota biraallee kakkaasuun bu'uura af-lamee yookaan af-heddee ta'a.

#### **2.4.8 Rakkoo Naamusaa**

Naamuusa barattootaa sadarkaa kutaa keessatti yoofudhanne akkuma rakkoleen naamuusaa bal'aa ta'anitti, akkasuma sababoони rakkoo naamuusaas baay'ee bal'aadha. Rakkoleen kunis kutaa keessaafi kutaa alatti uumamuu danda'a. Rakoon naamuusaa sadarkaa kutaatti uumamaniis baay'ee yemmuu ta'an: isaaniis, fedhii barumsaa dhabuu, barumsa irraa hafuu,

hiryoota isaanii waliin waldhabuufi ajaja barsiisaa diduudha. Robers (1983, f 34), naamuusa daree ilaachisee, barattooni lammii gaariifi kan rakkoo hiikan ta'uu caalaa kan amala gaarii hinqabnefi kan rakkoo uumuu danda'an haalli qabatamaa daree keessaa isaan godhuu akka danda'u agarsiisa.

#### **2.4.9 Rakkoo Ilaalchaa**

Barattooni afaan lammaffaa isaanii fedhiin akka hinbaranne godhan keessaa tokko rakkoo ilaalchaati, Barumsa kennamu irratti ilaalchi barattootaas ta'e namoota biroon gaarii yoo ta'e fedhiin isaanii dabala deema. Akkasumas ilaalchi qaban yoo gaarii hintaane immoo fedhii barumsichaaf qaban gadi bu'aafi laafaa ta'aa deemuun bu'aa dhabeessa taasisa. Kanaaf immoo barattooni ilaalcha gaarii akka qabaataniif gaheen barsiisaa ol'aanaa ta'uu qaba. Barattooni ilaalcha qaban akka sirreffataa deemuun barumsa isaanitti bu'aa qabeessaafi milkaa'anii gorsi barsiisaa murteessaadha. Akka yaada Spolsky (1989), barattooni barumsichaaf ilaalcha gaarii qabaachuun jijiirama amalaa barbaadame fiduu kan danda'ani barumsi kennamu yoo fedhii barattootaa wajjiin yoo walargachuu danda'edha jechuun ibsa.

### **2.5 Maalummaafi Madda Fedhii**

Fedhiin galma ga'iinsa kaayyoo barnootaa milkeessuuf adeemsa baruu barsiisuu keessatti barsiisoonni fedhii barattootaa isaanii kakkaasuu qabu. Barattooni barumsa haala karoorfameen barachuun bu'aa barbaadame bira akka gahan gochuuf qajeelchuufi gorsuun fedhii akka horatani gargaaruun barbaachiisaadha. Akka Aggarwal (1995, f.191) jedhutti, barumsi haala gaariin kennameera kan jedhamu yoo barsiisaan barattoota keessatti fedhii uumuun isaan kakkaasuurraatti yoo milkaa'edha. Gorsi barsiisaa waan sirrii ta'e barattooni karaa sirriin baratanii galma barbaadamu akka gahan dadammaksuu irratti xiyyeffachuu akka qabu ibsa. Dabalataanis Spolsky (1989), barumsi kennamu fedhii barattootaa wajjiin walargatee jira yoota'e, barattooni barumsichaaf yaada gaarii qabaachuun jijiirama amalaa isaaniirraatti barbaadamu fiduun kan danda'amu ta'uu ibsa.

Akka qoranno Naiama, et al (1978) ibsutti, waan cimaa ta'ee namatti argamu tokko salphisanii fudhachuuf fedhiin bu'uura isa guddaa akka ta'efi hojii gaariin kun immo fooyaa'insa qajeelaa ta'eef kan namni qopheessu fedhi onneerra madde yookaan kaka'umsa

milkaa'ina dhuunfaaf kan horachiisu, hawwii jabaa, fulleeffannaa galma gahufi jabbinni akka barbaachisu ibseera.

Karaa biraatiin immoo Harmer (2001) akka ibsuuf yaaletti dursinee yaada barnoota afaanii sansakaa barataatiin walitti qabsiisuu fi haala barataa fuuleeffachuun xiyyeeffannoo xiinlugaa akka ta'e agarsiisa. Dabalataanis aadaan gargaaramee akkaataa barnootaa itti dabarsan garaagaraa qabaachuu danda'a jedha. Kanaafuu haalli barsiisaan itti dhiheessu hammamiyyuu gaarii ta'u ijoolleen gara isa duraan amaleeffatani sanaatti waan harkiffamaniif afaan barsiisuu keessatti milkaa'uu fi dhiisuu ni mul'ata jedha. Kanaaf akkaataa itti barsiifnu qindeesuun fedhii fi dandeetti jaraa irratti hundoofnee barnoota keenyatti karoorfachuu fi akkaataa isaan itti barachuu fedhani irratti hundaa'uun haala isaaniif mijatu qopheessuun barbaachisaa dha. Fedhii barataa fi akkaataa barnoota gaarii dha jedhee barsiisaan itti amanu sana walmadaalsisanii wixinee qopheessuun bu'a qabeessa.

## **2.6 Faayidaa Fedhiifi Onnachiiftuu**

Harmer (2001) akka kaa'etti, barattoota keessatti fedhii uumuuf sisi'eessuu fi kakaasuun daran barbaachisaa akka ta'e kaa'eera. Fedhiin yeroo mara kaka'umsa keessoo akka ta'eefi fedhiin kunis kan dagaagu galma fuula isaa dura jiru namni tokko yoo tilmaamu danda'edha jedhu haayyootni baay'een. Harmaris yaaduma kana yeroo cimsu, barreeffama isaa armaan olii keessatti galmi gaheessotaa bal'aafi qabatamaa yoo ta'u kan daa'immanii garuu kan hin qindoofneefi ibsa qabatamaa itti kennuun kan nama rakkisu ta'ullee baay'ee cimaa ta'uu isaa eereera. Kanaafuu jedha barreessaan kun sissi'aayinni keessoo kaayyoo fi galma ga'iinsa barattichaa irratti kan hundaa'u yoo ta'u, sissi'aayinni alaa immoo haalawan barataa sana hawwachuu danda'an irratti kan hundaa'u dha. Qoranno hedduun kan mirkaneessani immoo sissi'aayinni keessoo galma ga'uufis ta'e barachuuf yookaan milkaa'uuf gahee guddaa qaba jedhu. Sissi'aayinni (kaka'umsi) tokko ammo gama fedheenu barataa keessatti kan uumamuu danda'u fedhiin waan Sanaa yoo keessatti uumame qofaa akka ta'e agarsiisa.

Gama biraan Harmer (2001) qoranno isaa keessatti akka ibsutti, fedhiin afaan lammaffaa barachuu daa'ima tokkoo ilaalcha garaagaraatiin akka murtaa'u dha. Kanneen murteessaa ta'u jedhee tareesse keessaa;

Hawaasa barataan sun keessa jiraatu sadarkaa fi ulfina hawaasni barataan sun keessaa dhufu afaanicha baratamu sanaaf kennu, afaanota garaagaraa naannoo sanatti dubatamani keessaa afaan isa kamiin yoobarate akka filatu, affaannichi baratamu kun faayidaa inni baratootaaf qabuufi kkf dha. Kanneen armaan olitti ibsaman ilaalcha barataan afaan lammaffaa barachuuf qabu irratti dhiibbaa guddaa qaba. Kana malees, maatiin ijoollee afaan baratamu kana irraa jaalala yookaan jibba isaani haalaan qaban barnoota ijooleen afaan lammaffaa barachuuf qaban daran kan miidhu ta'uu isaa mirkaneessanniiru. Kunis itti fufinsaan barnoota ijoolleen kun gara fuula duraatti gaggeessan irratti dhiibbaa daran qaba.

Qaamota murteessoo biroo aadaa fi ilaalcha (attitude) hawaasa naannoo itti dabalatee baratichatti qaamotni dhiihaataan biroon kan akka maatii, obbolaa angafaa, fi hiriyootni barataa sanaa fedhii barataan afaan lammaffa barachuuf qabu hir'suuf gahee olaanaa kan qabaatanii dha. Yoo tarii barataan sunillee fedhii afaan barachu uumamaan qabaatelle dhiibbaa qaamotni murteessoo ta'aan kun irraan gahaniin fedhiin isaa keessatti du'ee ilaalcha jibbaa horacuu ni danda'a.

Fedhii fi ilaalchi barsiisaan barnoota afaan lammaffatiif qabuu fi haalli inni ittiin barnooticha dhiheesu barattoota kan hawwatu yookaan kan mufachiisu ta'uu waan danda'uuf baruu barsiisuuf murtesaa ta'a.

Fedhiiniifi sissi'aayinni barataa inni jalqabaa barnootaaf qabu haalota armaan olitti caqasamanii fi kan biroo irratti hudaa'ee dagaaguu yookaan quucaruu akka danda'u Roger (1996) barreffama Hamer (2001) keessattiakkana jedhee ibsa. "... We forget that initial motivation to learn may be weak and die; alternatively, it can be increased and directed in to new channels" jedha. Haaluma kanaanis barattooni muraasni kaka'umsa /sissi'aayina bakkeetiin qajeelfamanii galma (goal) ifaa ta'e bira gahuu danda'u; gareen kaan ammoo sissi'aayinaa keessootiin akka abiddaa finiinuun geggeeffamu. Kanaaf barsiisaan sissi'aayina barattotaa cimsuu fi qajeelchuun daran akka irraa eegamu ni ibsu. Haata'u malee, fedhiin maatii barnoota kamiin keessatiyyuu murteessaa waan ta'eef jecha hubannoo gahaa ta'e akka argataniif waliin marii'achuun maatii barattootaa kana irratti hirmaachisuun murteessaadha.

Chudron (1988) akka ibsetti ijolleen Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan yoo sissi'aayina daran fooyyeffachuu akka danda'an tuqaaniiru. Akka Wright (1981) dhiheessetti, barattonni fedhii fi kaayyoo malee gara kutaa dhufan jiraachuu ni malu. Haa ta'u malee, barsiisa, meeshaaleen barumsaa fi kutaan barumsaa amala barataa isa dalgisa kana jijiiruuf gahee guddaa qaba. Kitaabni barataas fedhii barataas fedhii barattonni barumsaaf qaban kan

hawwatu dha yoo ta'e sissi'aayinni isaanii ni dabala. Afaan lammaffaa yeroo baratanis caalaatti milka'ina kan argamsiisu kitaaba barataatiin alattis kitaabni biroo ijoo akka ta'an ibsaniiru.

## 2.7 Fedhii fi kaka'umsa

Baranoota afaanii keessatti fedhiin kan nama keessatti akka uuman qorattooni adda addaa ni ibsu. Isaan keessaas namichi Penny jedhamu kitaaba isaa bara (1988) maxxansiise keessatti, fedhiin shaakala afaanii keessatti sadarkaa kaka'umsaa olaanaa onneechiiftuu bakkeetiin cimatu ta'u isaa ibsan. Fakkenyaaf, barataan hojii shaakala daree yookiin hojii manaa tokko keessatti qooda akka fudhatuuf onneechiiftuu kan akka qabxii kennuufii yookiin sorora sirrii kan inni gara fuula duraatti bakka hojii keessatti itti fayyadamuu danda'u tokko fiduuf ta'e milkaa'ina gaarii argata. Garuu, fiixaan ba'iinsi kun caalmaatti milkaa'uu yookiin milkaa'uu dhabuu baratichaatiin kan daangeffaman ta'u. (Penney, 1988) Kana irraa kan hubatammuun danda'amu egaa fedhiifi kaka'umsa fooyya'aa horachuuf milkaa'inni qooda guddaa akka qabu hubanna. Kanaaf jedha barressaan kun itti fufee, kaka'umsi milkaayina fiduu danda'u yoo fedhiifi onneechiiftun keessoo jiraatanii dha jedha. Haa ta'u malee, kun martinuu seer-lugaan ala (non-linguistic) jedhamu jedha. Itti fufuun, barattonni yoo waa nuffanii jiruu ta'e qalbii isaanii sassaabbananii afaan barataa jiran qalbifachuuf rakkisaa dha. Akkasumas, yaadni isaanii ni tamsa'a waan biraan yaaaduu fi qalbiin isaanii fagaachuu iraa kanka'e barnoota isaanii hordofuuf ni dadhabu. Sababa kanaan walqabatan irraa kan ka'es daa'imman hedduu amala badaa mul'isu waan ta'eef barsiisaan afaanii yeroo isaa harka caalu barsiisuu irraa naamusa eegsisuurratti fixa. Gama biraatiin garuu, yoo daa'imman fedhii qabaatan shakala afaanii hojjetanii kakka'uun utuu hin nuffin dablatani hojjechuuf jaalala ni qabaatu.

Kaka'umsi humna fedhii namni tokko barumsa irratti qabu kan guddisu dha. Abdiisaan (2006 f ,6) Dornyei (2001) waabeffachuu, Kaka'umsi humna keessoofi kana mala dammaqsuu, qajeelchuu, cimsuufi gochi tokko akka itti fufu taasiisu ta'uu ibsa. Itti dabaluun kaka'umsi humna damaqinaa miira, fedhiifi dhiibbaa keessoo ta'ee, fedhii kana guutachuuf gara gocha raawwiif karoorfametti kan nama geessu ta'uu eera. Adeemsa baruufi barsiisuu keessatti gochoonni raawwataman marti kaka'umsa gahaa malee bu'aa qabeessa akka hintaane ibsa. Abdiisaan (2006), Aggarwal (1995: f 42) Kaka'umsi fedhii akka uumu, fedhiin immoo xiyyeefanno akka fiduuf yoo xiyyeeffanno jiraate barumsi kan jiraatu ta'uu eera.

Dabalataanis haayyuun kun gosti kaka'umsa bakka lamatti quoduun kaka'umsa keessoofi alaa jechuun ibsa. Kaka'umsi keessoo waan hojjetamu tokko irraa gammachuuf argachuuf jecha miira namni ittin hojiirratti hirmaatudha. Abdiisaan (2006 f,9) Garumaa (2005) waabeffachuu, waabeffachuu kaka'umsi keessoo gosa kaka'umsa gocha yookaan shaakala tokko irratti fedhii guutuun nama hirmaachisu ta'ee, gammachuufi milka'ina gocha irraa argamuuf jecha haamilee itti hirmaatan ta'uu ibsa. Kana malees barattooni kaka'umsa keessoo kaayyoo barataniif kan beekuufi galma gahiinsa kaayyootiif cimanii kan hojjetani ta'uus itti dabaluun ibsa. Kanaaf kaka'umsi keessoo fedhiifi gammachuu keessoo namaa barumsa baratamu irratti mulatu akka ta'e hubachuun nidanda'ama. Kaka'umsi alaa immoo kaka'umsa galata, kennaa, badhaasa, kafaltiifi faayidaa adda addaa argachuuf jecha miira namoonni gocha tokkoo irratti ittiin hirmaatanidha.

## **2.8 Sakatta'a Qorannoo Walfakkaataa**

Sakatta'a Fedhii Barnootaa Afaan Oromoo Barattoota Magaala Jimmaa Afaan Oromoo Afaan Lammaaffaa Isaanii ta'e sadarkaa magaala Jimmaa keessatti qoranno walfakkaataa jirani keessaa baay'een isaanii Afaan Ingiliziitiin biyyoota garaagaraa kessatti kanneen hojjetamanii jirani dha. Haaluma kannaan akka magaala Jimmatti qorattuun qorannoo mataa duree isheetii guutummaa guutuutti walfakkachuu baatus hamma tokkoo walitti dhufeenyaa qaba jechuun yaalteettti. Kunis qorannoo Masaraat Zawude (2008), magaala Jimmaa mana barumsaa abbaa buna fi Saxoo Samaroo kutaa 10ffaa irratti (Hanqina Dandeetti Barreessuu Afaan Oromoo barattootni akka afaan lammaffatti baratani jedhu irratti hojjete. Arganno isaa wayiitiin gosa barumsaa afaan oromoof ramadame gahaa ta'uu dhabuu, shaakala danddeettii bareessuu dhabuu, haallii kennaa barumsaa Afaan Oromoo kutaa tokkoffaatti jalqabee kennamuu dhiisuu kan jedhu dha.

Mataduree qorataa kanaan kan walfakkaatu maagala Jimmaa keessatti barattoota Afaan oromoo akka afaan lammaffatti baratani kan jedhuun walfakkaata. Gaaraagarummaan qorataa kana waliin jiru immo dogoggora danddeettii barreessuu barattoota kutaa 10ffaa kan jedhuufi kan isa amma qoratamaa jiru immoo fedhii barnootaa Afaan Oromoo barattoota kutaa 5-8tti jirani jedhu wajjiin garaagarummaa niqabaata.

Walumaagalatti garaagarummaan jiru danddeetti barreessuu barattoota kutaa 10ffaa fi fedhii barachuu barattootaa kutaa 5-8tti jirani ta'uu isaati. Akkasumas qorannoон duraa kun barattoota afaan dhalootaa waliin daree tokkotti makamanii baratanii fi kan isa amma qoratamaa jiruu garuu barattoota qophaatti afaan oromoo baratanii garaagarummaa qorannoo kana gidduu jiru dha.

Sakatta'insi qorannoo lammaffaa immoo Tigist Geetaachoo bara (2018) Afaan Oromootiin digirii lammffaa guutachuuf yuunvivarsiiti Jimmatti qoratte dha. Mataduree Afaan dhalootaatiin barachuu dhabuun dhiibbaa daa'imman irratti qabu kanneen Afaan Oromootiin Afaan hiikatani manneen barnoota dhuunfaa magaala Jimmaa irratti jedhu irratti ture. Kaayyoон qorannoo ishees afaan dhalootaan barachuu dhiibbaa barattoota afaan oromootiin afaan hiikatan irratti qabu adda baasu dha.

Argannoон qorannicha irraa argamees dhiibbaa afaan isaanii dagachuu, Aadaa, seenaa, eenyummaa fi duudha isaanii walaaluu kan irra ga'u akka ta'e fi jirenya gara fuula duraattiis akka yaaddoo itti ta'e adda baasameera. Akka furmaatattis kan kaawwamee jiru dhimmamtoonni barnootaa xiyyeffannoodhaan imaammata barnoota afaanii, manneen barnootaa dhuunfaa keessatti jiru sakatta'uun barbaachisaa akka ta'e ibsamee jira,

Walfakkeenyi qorannoo kanas Afaan dhalootaan barachuu dhabuun dhiibaa inni qabu barattoota kutaa 8ffaa kan jedhu yoota'u; kan amma qoratamaa jiru wajjiin kanwalfakkaatu barattoota afaan oromoo afaan lammaffaa isaanii ta'e kutaa 5-8tti jirani kanjedhuun, lamaanuu afaan oromoo akka afaan lammaffatti barachuu isaanii tokko isaan taasisa. Garaagarummaan jiru immoo manneen barnoota dhuunfaa kutaa 8ffaa irratti fi manneen barnootaa mootummaa kutaa 5-8tti jedhu irratti dha. Akkasumas kutaa 8ffaa qofaa irratti qorannoон kan gaggeeffamee fi kutaa 5-8tti kan gaggeeffame ta'uun gargarummaa akka qabaatani isaan godha.

Qorannooon inni sadaffaa Abdiisaa Bantiitiin (2006), Kaka'umsa Barattooni Kutaa 11fi 12 Afaan Oromoo Barachuuf Qaban; Haala Manneen Barumsaa Qophaa'inaa Sayyoofi Odaa Boqotaa. Waraaqa Qorannoо Digirii Lammaffaa, Yuunvivarsiitii Addis Ababaa. Kaayyoон isaa Kaka'umsa barattooni manneen barumsaaa qophaa'inaa Sayyoofi Odaa Boqotaa kutaa 11fi 12 Barnoota Afaan Oromoo barachuuf qaban xiinxaluudha, Argannoон isaas, kaka'umsi barattooni 11fi 12 Afaan Oromoo barachuuf qaban gadi aanaa tu'uu, gasti kaka'umsa isaan qaban kaka'umsa alaa ta'uu, barsiisonni tarsiimoo kaka'umsa hojiirra oolchuu barattoota keessatti uumuuf taasiisanis

gadi aanaa ta'uu kan agarsiisudha. Yaanni furmaataa: Barsiisonni kaka'umsa afaanichaaf qaban osoo guddisan gaarii ta'uu, tarsiimoo kaka'umsaa hojiirraa oolchanii barattoota keessatti kaka'umsa uumuun filatamaa ta'uu, Bulchiinis mana barumsaa barsiisotaaf leenjiifi muuxannoo waljijiiraa osoo mijeesse gaariidha jechuun ibsa.

Qorannoo kanaan tokkummaan isaa kaka'umsa barattooni Afaan Oromoo barachuuf qaban irratti gageeffamuu isaatiin yoo ta'u, garaagarummaan isaa manneen barnootaa irratti gageeffame, kutaa irratti gageessamefi barnoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffatti baratan irratti adeemsifamuu isaatiin garaagarummaa niqabaata.

## 2.9 Yaadiddama Qoranichaa Irratti Hundaa'u

Yaadiddamni qorannoo tokko gaggeesuuf bu'uura waan ta'ee yaadiddama afaan lammaffa barachuu keessatti yaadni furmaataa hayyota garaagaraan kan raawwatamani dha. Kanaaf yaadiddamni barbaachisaa dha jedhamu kaasuudhaan qorannoo kanaan walsimsiisuun murteesaa dha. Yaadiddamoonni gosa qorannoo adda addaa ciminaa fi hanqina mataa isaanii haaqabaataniyyuu malee hanga ammaattii qorannoo gaggeesuuf yaadiddamni filatamaa ta'e tokko illee akka hin jiraanne haayyooni ni ibsu.

Yaadiddamni afaan lammaffaa barachuun yaadota adda addaan qoodamuun ibsamu. Inni jalqabaa seenduubee afaan lammaffaa barachuu akka ibsamutti sababoota hiika jechootaa furtuu ta'an akkaataa itti hubachuun danda'amu yoota'u. Inni lammaffaan yaadiddamoota gurguddoo afaan barsiisuuf kanneen bu'uura ta'an bakka afurti qoodamu. Isaaniis Yaadiddamoota Amaleeffanna, seerluga waliigalaa, hubannaafi ilaalcha aadaa hawaasummaadha. Pr, Gula (2015, f.32). Yaadiddamootnni armaan olii yaadiddamoot bu'uura afaan barsiisuu yoota'an, qorannoo kana keessatti sakatta'a fedhii afaan lammaffaa barachuu ilaachisee ragaan argamu ija yaadiddama 'Spolsky'irratti hundaa'uun kan xiinxalamu ta'a. Akka haayyuu H. Stern, (1991, f.45) hayyota garaagaraa waabeffachuun hojiisaa keessatti ibseera.

Yaadiddamni Afaan barachuu damee gurguddoo lama qaba. Isaaniis yaadiddama afaan baruufi barachuu jedhama. Akkasumas yaadiddamni afaan barachuu immoo dameewwan kan akka xinqooqa xiinsammuu, xiinqooqa hawaasummaafi yaadiddamoota itti fayyadama afaanii ofkeessatti ammata. Yaadiddamni baruu immoo barnoota xiinsammuu irratti kanxiyyeffatu ta'a.

Dameeleen xiinqooqa Dimshaashaa ibsa afaanii itti fayyadama walbaruu afaaniifi xiinooga barnootaa waliin kanwalqabatu ta'uu ibsa. Kunis kan namatti agarsiisu, afaan baruun xiinqooqa dimshaashaa daa'iimman mana keessatti sagaleessuudhaa jalqabee xiinqooqa-xiinsammuu, xiinqooqa-hawaasaafi xiinqooqa barnoota waliin kanwalqabate ta'uu isaa namatti agarsiisa. Goosoonni barnootaa kunis waliin ta'uudhaan rakkoollee afaan baruufi waliin ta'uun gosa barnoota xiinqoqaa ka'umsi isaa hojii irra oolmaa xiinqoqaa 'Spolsky' jedhamuun beekama. (H, Stern, 1991, f.45).

Barattooni afaan lammaffaa isaanii barachuuf yoo fedhii hinqabaanne rakkoo (dhiibbaa) gama xiinsammuu, xiinqooqa hawaasaan, kanneen akka afaanii, xiinsammuu, duudhaafi aadaa barnoota isaanii irratti dhiibbaa qabu beekuun barbaachisaadha. Sababa kanaan barattooni mana barumsaa mootummaa magaala Jimmaa keessatti barnoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffatti baratan yoo barumsa kanaaf fedhii hinqabaanne rakkolee olitti ibsam an rakkoo xiinsammuu hawaasaa, ofitti amanamuumma dhabuu, soda, akkasumas dagaagina xiinsammuu irratti dhiibbaa qaqabsiisu danda'u kana baruuf barbaachiisaadha.

## **BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA**

### **3.1 Saxaxa Qoranno**

Qorannoon kun manneen barumsaa mootummaa magaala Jimmaa jiran keessaa mana barumsaa afur (4) irratti kan gageeffamedha. Isaaniis mana barumsaa Hibrat, Giinjoo, Mandaraafi Jimmaa sadarkaa 1<sup>ffaa</sup> irratti xiyyefatamee kan irratti hojjetamudha. Akkasumas barattootni bara 2013 galmaa'an 543 keessaa 163 fudhachuun mala carraa salphaa loogii tokko malee iddatoo filachuuf waan gargaaruufi. Kana malee barsiisota mana barumsa mootummaa barsiisani 6 jiran keessaa 3 fudhachuun afgaaffii mala carraa kaayyeffataan filatamanii kan hirmaatani ta'a. Qorannoon kunis Afaan Oromoona afaan lammaffaa isaanii kan ta'e kanneen mana barumsaa mootummaa baratan Sakatta'a Fedhii Barnoota Afaan Oromoo barattoota magaala Jimmaa Afaan Oromoo afaan lammaffaa isaanii ta'e fedhiin barnoota kana barachuu dhabuun dhiibbaa isaanirra ga'u adda baafacnuuf mala qoranno walmakaa (mala ammamtaafi akkamtaa) fayyadamuun odeeffanno funaanamuun niqaaceffama.

Qorattuun oddeeffanno barbaachisu barattootaafi barsiisota irraa, akkasumas daawwanna daree gageessuun erga walitti qabattee booda ragaawan argaman duraa boodaan walsimachiisuun qindeessitee gabateefi dhibbeentaadhaan, dabalataan ibsa itti kennuudhaan kaa'ame. Qaacceessi odeeffannichaa mala ibsaa fayyadamuun bu'aa odeeffannichaas ni ibsa. Malli kun odeeffanoowwan argaman walbira qabuun ibsuuf waanta'eef filatamuu danda'e.

### **3.2 Irraawwatama Qorrannichaa**

Qorannoon kun kan gaggeeffamu manneen barnoota mootummaa Magaala Jimmaa sadarkaa tokkoffaa marsaa lammaffaa kutaa 5-8 tti Hibrat, Mandaraa, Giinjoofi Jimmaa sadarkaa tokkoffaa irratti dha. Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu eessattifi eenyu irratti akka ta'e adda baasuun nibarbaachisa. Haaluma kanaan irraawwatamtoonni qoranno kanaa mana barnootaa mootummaa sadarkaa tokkoffaa keessaa kanneen Afaan Oromoo akka afaan lammaffatti baratan bara barnootaa 2013 kutaa 5-8 tti galmaa'anii keessaa barattoota 543, barsiisota 6 mana barumsaa mootummaa barsiisan irratti kan gaggeeffamu ta'a. Qorannoon kun Sakatta'a fedhii afaan lammaffaan barachuu dhabuun dhiibbaa barattoota irraan ga'u sakatta'uuf.

### **3.3 Iddattoo fi Adeemsa Iddatteessuu**

Lakkoofsa barattootaan oddeeffannoo qorannoo kana gaggeessuuf gargaaran murteessuuf mala iddatto fayyadamuun baarbaachisa. Akka Kathori (1990; f.15) jedhutti, iddatto carraa salphaa filachuun hirmaattooni hundi carraa walqixa filamuu akka argatani taasiisa. Irraawwatamtoota hunda irraa oddeeffannoo funaanuuf yeroo fi baasii guddaa waan gaafatuuf mala carraa salphatti fayyadamuun manneen barnootaa afur keessatti jalqaba bara barnootaa 2013 galma'an irratti. mana barumsaa Jimmaa sadarkaa tokkoffaa irraa kutaan 5<sup>ffa</sup>a daree 3, Giinjoo irraa kutaa 6<sup>ffa</sup>aan daree 7, Mandaraa irraa kutaa 7<sup>ffa</sup>a n daree 5 fi Hibrat irraa kutaa 8<sup>ffa</sup>a daree 5 qaban fudhachuun waliigala akka odeeffannoo mana barumsaa irraa fudhadhetti baay'nni isaani dhi 223 (%41) fi du 320(%59) waliigala 543 ta'an daree 20 jiran hunda barattoota 8 tokko tokkoo daree keessaa fudhachuun % 30 (163) ta'an irraa oddeeffannoos sasaabame.

Haala kanaan barattoota carraan isaan qaqqabe saala lamaanu haala walqixa ta'een mala lootariin yookiin lakkofsa 1 fi 0 (zeeroo) waraaqaa irratti barreessuun erga marameen booda akka kaasani gochuun adda baaffachuu danda'eera. Kunis ragaa bargaaffii sassaabuuf akka tolutti yaadameeti. Gama barsiisotaan ilaachisee immoo mala akkayyoo (purpastive sampling) fayyadamuun barsiisota 6 keessaa barsiisota 3 Afaan Oromoo barattoota afaan lammaffaa isaanii ta'e barsiisan irraa oddeeffannoos afgaaffiin sassaabame.

### **3.4 Meeshaaleen Odeeffannon Ittiin Funaaname**

Qorannoo kana keessatti odeeffannoos itti funaanamu ragaa qorannoo tokko madda garaagaraa irraa walitti qabachuu ilaallata. Haala kanaan meeshaalee gadii jiranitti gargaaramuu oddeeffannoos ni funaanama.

#### **3.4.1 Bargaaffii Barattootaa**

Bargaaffiin meeshaalee funaansa odeeffannoo mala ammamtaa kan gaaffiileen barreeffamaa barattootaaf dhuunfaatti dhiyaachuun odeeffannoo funaanameera. Kunis kan qophaa'eefi oddeeffannoo mala ammamtaa kallattiin afgaaffiin argachuu hindandeenyne argachuufidha. Kaayyoon afgaaffifi bargaaffiin tokko waan ta'eef gosti gaaffii lamaanii irra caalaan isaa walfakkaata. Bargaaffii barattootaaf qophaa'ee irratti hundaa'uun oddeeffannoos funaaname. Bargaaffiin barattootaa kunis gaaffii 20 kan qabufi Afaan Oromoofi Afaan Amaaraatiin kan qophaa'edha. Sababni isaas barattootni hundi Afaan Oromoo walqixa dubbisanii hubachuufi barreessuu hindanda'anii waanta'eef. Kunis gosaafi haala qorannichaa irratti hundaa'ee bu'aa

qabeessa ta'a jedhamee yaadamuun bargaaffii banaafi cufaatu filatamaa dha. Bagaaffiin kun gaaffii cuffaa 18fi banaa 2 kan qophaa'edha. Kunis kan ta'eef hamma danda'ametti hirmaattootni bilisa ta'anii jecha mataa isaaniin yaada bal'aafi ibsa ga'aa akka kennaniifdha. Bargaaffii banaan gaafatamtoonni haala bilisa ta'een yaada isaanii barreeffamaan deebii ni kenu, (Kvale,1996). Akkasumas bargaaffii cufaa immoo gaaffilee qorattootaa irratti barreeffamaan isaaniif dhiyaate haala salphaa ta'een yookaan gabaabinaan deebii deebisuu akka ta'e Kvale (1996) barreesee jira.

### **3.4.2 Afgaaffii Barsiisotaa**

Afgaaffiin meeshaa funaansa odeeffannoo mala akkamtaa ta'ee gaaffiwan qorattuudhaan afaaniin gaafatamtootaaf kan itti dhiyaatedha. Oddeeffanoo adda addaa dhimma adda addaa iratti walitti qabachuuf oduu himtootaaf gaaffii afaanii dhiyeesuudhaan, gaafatamtoonis deebii isaanirraa eegamu afaaniin akka deebisaniif kan dhiyaatedha. Odeeffannoonaan karaa bargaaffii deebi'uu hindandeneeye argachuuf afgaaffii barsiisotaaf Afaan Oromootiin bareeffame gaaffii 12 dhiyaate. Kunis afgaaffii banaa dha. Afgaaffiin mala oddeeffannoo walitti qabuu unka gaaffii afaanii fuulaa fuulatti gaaffachuuun oddeeffannoonaan walitti qabame. Qoranno kana keessatti odeeffannoo baay'inaan argachuuf jecha afgaaffii miti caaseffamaatiin fayyadame. Sababiin isaas afgaaffii miti caaseffamaan yoo gaaffii dabalataa gaaffachuuun barbaachise qorattuuf kan eeyyamamuufii ta'a.

Walumaagalatti afgaaffiin iddattootaa yookiin oduu himtoota filatamaniif qorataan fuulaa fuulatti argaadhageettiin haala ifaa ta'een gaaffachuuun sagalee waraabuun gara barreeffamatti jijiiruun odeeffannoo funaaname.

### **3.4.3 Daawwannaan**

Daawwannaan oddeeffannoo barbaadamu tokko haala qabatamaan ilaaluun mirkanneeffachuuuf caalatti filatamaadha. Yaada kanairratti, Abdiisaan (2006), Qonjiti (2012), fi Cangelosi (1991, 144) waabeffachuuun yooibsu: waan tokko madaaluun yoobarbaadame, maddi odeeffannoo jalqabaa fayyadamuun maal akka dalagamaa jiruu dhaga'uufi ilaaluun kutaa keessatti argamuun akkaataa baruu barsiisuu itti raawwatamu hunda hordofuun hubannoo caalatti odeeffannoo argachuun murteesadha jedha.

Mala kana keessatti osoo qoranno hinjalqabiin dura daree barnootaa keessatti waanlamatu daawwatama. Isaanis gochoota baruu barsiisuu gageeffamaniifi fedhii barattonni afaan

lammaffaa isaaniif qaban yoota'u, adeemsa baruu barsiisuu daree keessatti barattoonni fedhiin akka hordofaa jirani mirkaneesuuf, qo'attuun hirmaannaa barattootaa maal akkafakkaatu, gaheen barsiisaafi barattootaa, akkasumaa, hirmmaannaanfi gochawwan barattoonni daree keessatti taasiisan daawwachuun barbaachiisaa akka ta'e waanamanteef bakka hanqniifi cimminni jirutti adda baasuuf daree barnootaa tokko tokkoo isaaf si'a sadii seenuu daawwannaan gageeffame. Kaayyoon daawwannaan deebiin afgaaffiifi bargaaffii barsiisotaafi barattootaan deebii kennamu mirkaneesuufi. Kanaaf yeroo barsiisaan Afaan Oromoo daree galee barsiisuu duukaa seenuu tooftaa itti barsiisuu yeroo barumsi kennamu fedhiin barattootaa hirmaanaan daree keessatti qaban, haala barumsa itti hordofanfi gaheen barsiissa barumsicha itti dhiyyeessu fedhii brattootaa kankakkasufi kanhawwatu ta'uu akkasumas yeroo baratani fedhii qabumoo hinqbani? Barattoonni kun shaakala garaagaraa daree keessatti nihirmaatuu? Kan jedhu adda baafachuuuf kan danda'mu gocha barataan daree keessatti raawwatuu daawwachuun odeeffannoon dabalataa sassaabame.

#### **3.4.4 Sakatta'a barruulee Barattootaa**

Mala kana fayyadamuun barattootni Afaan Oromoo kutaa shanii jalqabani akka afaan lammaffatti yeroo baratani jalqbee fedhii barumsa kanaaf qaban maalfakkaata? Kan jedhu sakatta'uun odeeffanno dabalataa argachuuf yeroo daawwaanna daree gaggeeffamu barruuleen isaanii harkaa fuudhuun ilaauun odeeffanno dabalataa argachuuf gargaara. Barattootni yeroo barumsa kana baratani fedhiin isaanii kan argamu danda'u sochiifi gochoota isaan daree barnootaafi alatti raawwataniin madaaluun akkaataan itti barsiisa hordofanii baratani, qabannaa dabtara isaaniifi seera itti barreessan ilaachisee akkaataan hojii manaafi daree hojeetanii itti soroorfatani,shaakala garaagaraa itti gaggeesani, danddeettii afaan lammaaffaa isaanii cimsataniifi kan kana faakaatu irraa ka'uun barattootaa kana fedhii barnoota Afaan lammaffaa kana qabaachuu isaanii akka salphatti madaaluun danda'ameera.

#### **3.5 Adeemsa Qorannichaa**

Adeemsa hojii duraa barsisotaa waliin kaayyoon qorannichaa barattootaaf ibsameera. Sanaan booda bargaaffiilee qophaa'an irratti ibsi kenannameefii gaaffiileen akka guutamu taasifame. Birsiisoonni Afaan Oromoo immoo afgaaffii isaaniif dhiyaatu irratti yaadni isaanii ergaa funaanameen booda ragaaleen barruulee barattootaa kan bara 2013 sakatta'amee odeeffanno qorannichaa keessatti dabalame. Adeemsa qoranno kana keessatti naamusni qoranno

eegameera. Dura eeyyama iddatootaa gaafachuun maqaa isaanii akka hin ibsine gochuun, odeeffannoo isaan kanneen qorannoo qofaaf malee qaama biratti akka hin dabarre ibsi gahaa kennname.

### **3.6 Mala Qaaccessaa Ragaa**

Fedhiin afaan lammaffaa barachuu dhabuun dhiibaa barattoota Afaan Oromoo afaan lammaffaa isaanii ta'e madaaluun dura, ragaa akkayoo kaan odeeffannoo barattootaa adda baafachuun dha. Itti aanee kanneen bargaaffifi afgaaffii dhiyaatani akka bifa bifa isaaniitiin adda quoduun erga kaahamaniin booda kanneen walfakkaatani bakka tokkoti walitti fiduun qaacceeffaman. Tokko tokkoon ergaa gaaffii dhiyaatu keessatti fedhiin afaan lammaffaa barachuu dhabuun miidhaa qabu adda baafachuudha. Itti ansuun tokko tokkoo gaaffiilee barattootaafi barsiisotaa hamammiiitu gaaffii jiruuf deebii walfakkaataa akka kennani adda baasuun mataduree qorannoo, kaayyoo qorannoo, gaaffiilee qorannoofi odeeffannoo qorannoo argame walbiraqabamanii xiinxalaman. Akka waliigalatti qorannoo kana keessatti ragaaleen oddeeffannoон irraa madduun yaadni kallattii garaagaraan walitti qabame qaacceffamee jalqabarratti deebiin barattoota irraa karaa bargaaffiin argame gabateen ibsame. Akkasumas ragaan karaa afgaaffiin barsiisota rraa argame walbira qabamee qaacceffame. Dabalataanis qorannoo abuurraan daree barnootaa keessatti rakkofi madda rakkoo qorannoo adda baasuuf, yaad-rimee ibsuuf, qorannoo qabatamaa gageesuuf abuurruufi sakatta'a baruu barattootaa daawwachuun odeeffannoo dabalataa argachuun ibsa qaacceessa ragaa dabalataaf gargaara. Dhuma irrattis ragaalee odeeffannoo irraa madduun yaadni walitti qabame qaacceffamee erga guduunfaan itti kennameen booda yaadni furmaataa ta'u jedhamani tilmaamaman kaa'aman.

## **BOQONNAA AFUR: RAGAA QINDEESSUU QAACCESSUUFİ HIIKUU**

Boqonnaa kana jalatti ragaan waliigalaa barattootaafi barsiisotaa qorannicha keessatti jiranitu walitti qindaa'ee dhiyaate. Mata duree Fedhii Barnoota Afaan Oromoo barattoota Magaala Jimmaa Afaan Oromoo afaan lammaffaa isaanii ta'e odeeffannoon bargaaffii afgaaffii habuurraafi sakatta'a baruu barattootaa qorattuun walitti qabattetu duraa duubaan dhiyaate. Qorattuun odeeffannoowwan ammamtaan argaman lakkofsaan ka'uun, odeeffannoowwan mala akkamtaatiin argaman immoo ibsa barbaachisu itti kennuun qaaccessite.

### **4.1 Odeeffanno Barattootaafi Barsiisotaa**

#### **4.1.1 Odeeffanno Dhuunfaa Barattootaa Ilaachisee Jiru**

Gabatee 1 Ragaa Odeeffanno Dhuunfaa Barattootaa Agarsiisan

Umurii	Baayina barattota														
	M/B Jimmaa sad 1ffaa			Mana Barumsa Giinjoo			Mana Barumsa Mandaraa			Mana Barumsa Hibrat			Ida'ama		
	Dh	Du	Id	Dh	Du	Id	Dh	Du	Id	Dh	Du	Id	Dh	Du	Id
10-12	7	8	15	12	14	26	-	-	-	-	-	-	19	22	41
13-15	4	6	10	14	16	30	16	20	36	10	22	32	44	64	108
16 ol	-	-	-	-	-	3	2	5	6	3	9	9	5	5	14
Ida'ama	11	14	25	26	30	56	19	22	41	16	25	41	72	91	163
Afaan Lammafaa	11	14	25	26	30	56	19	22	41	16	25	41	72	91	163

Akkuma gabatee 1. gaaffii 1<sup>ffaa</sup> irraa argamuun barattoota 163(%30) manneen barnootaa sadarkaa 1<sup>ffaa</sup> arfan iddattoo ta'uun qorannoo kanaaf bargaaffii guutan keessa kan mana barumsaa Jimmaa sad1<sup>ffaa</sup> dhi 11 du 14 Id 25 yoo ta'an, kan mana barumsaa Giinjoo dhi 26 du 30 Id 56, kan mana barumsaa Mandaraa dhi 19 du 22 Id 41, akkasumas kan mana barumsaa Hibrat dhi 16 du 25 Id 41 turan. Barattooni umriin isaanii wagga 10-12 gidduu dhi 19 du 22 Id 41 (%25) yemmuu ta'an barattotni umriin isaanii 13-15 ta'an immoo dhi 44 du 64 Id 108(%66) akkasumas barattotni umrii 16 ol dhi 9 du 5 Id 14(%9) kan ta'anitu jiru.

Akka waliigalatti barattoota Afaan Oromoo akka afaan lamaffatti baratan manneen barnootaa arfan iddattoodhaaf filatamanii odeeffannoo kennan dhi 72 du 91 Id 163 qofa.

#### **4.1.2. Odeeffannoo dhuunfaa Barsiisotaa Kennanii**

Gabatee 2 Ragaa Odeeffannoo Dhuunfaa Barsiisota Kennanii

L.k	Ragaa Barsiisotaa	Manneen Barnoota															
		M/B Jimmaa Sad 1ffaa			M/B Giinjoo			M/B Mandaraa			M/B Hibrat			Ida'amaa			
		Dh	Du	Id	Dh	Du	Id	Dh	Du	Id	Dh	Du	Id	Dh	Du	Id	
1	Saala	-	2	2	-	1	1	-	2	2	-	1	1	-	6	6	
2	Umurii	20-40	--	--	--	--	1	1	--	1	1	--	1	1	--	3	3
		40 ol	--	1	1	--	1	1	--	--	--	--	1	1	--	3	3
3	Sad. Bar	Dig 1	-	1	1	-	2	2	-	1	1	-	2	2	-	6	6
4	Bara Tajaajilaa	10-20	-	-	-	-	1	1	-	1	1	-	2	2	-	4	4
		21 ol	-	1	1	-	1	1	-	-	-	-	-	-	-	2	2
		Id	-	1	1	-	2	1	-	1	1	-	2	2	-	6	6

Gabatee 2<sup>ffaa</sup> kana keessatti odeeffannoo dhuunfaa barsiisotaa kan agarsiisudha. Barsiisonni manneen barnootaa afurii qorannicha keessatti hammataman afgaaffiin waliin taasiifameefi daawwanna dareetiin ilaalamani dhiira\_\_, durba 6, Id 6 yoo ta'an, hundisaanii dubartoota kan ta'aniifi umrii 35-45 giddutti argamu. Kunis kan agarsiisu barsiisonni qorannicha keessatti hirmaatan umrii giddu-galeessa keessatti kan argamaniifi muuxannoo gahaa waan qabaniif siritti hojjechuu kan danda'an ta'u kan agarsiisudha. Akkuma gabateen olii agarsiisutti barsiisonni sadarkaan barumsa Afaan Oromootiin digirii jalqabaa kan qabanidha. Akkasumas tajaajilli hojji barsiisuutiin qaban wagga 15 oliidha. Akka odeeffannoo dhuunfaa barsiisotaa kana irraa akka hubatamutti hundisaanii muuxannoo gahaa barsiisuutiin kan qaban waan ta'eef fedhii barattootaafi rakkoo barattoonni qaban hubachuus ta'e irratti hojjechuuf gahee guddaa kan qabanidha.

## **4.2 Dhimoota Fedhi Barattootairraatti dhibbaa taasisan**

Qorattuun odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu bargaaffii barattootaa, afgaaffii barsiisotaa, daawwannaad dareefi sakatta'a baruu barattootaa ergaa walitti qabatteen booda ragaawwan argamanis duraa duubaan walsimsiisuun qaaccessite. Haaluma kanaan bargaaffiin barattootaaf dhiyaate gaaffilee cufaa ta'an 18 kanneen filannoo 5(shan) qabaniifi gaaffilee banaa ta'an 2 kan barattoonni yaada qaban barreessuun ibsan kan ofjalatti hammatedha. Akkasumas odeeffannoo afgaaffii barsiisotaa manneen barnootaa arfan filataman irraa barsiisotaa Afaan Oromoo kutaa 5-8tti barsiisan 6 keessaa 3 waliin yeroo hojii isaaniin ala ta'een afgaaffiin gageeffamee argamees walitti qindaa'ee qaacceffameera. Afgaaffiin kunis gaaffilee banaa 12 ta'an kan ofkeessatti hammatedha.

Dabalataaniis qorattuun qorannoo argame caalatti qabatamaa taasiisuuf gaaffiwwan mirkanneeffannaad daree gaaffilee 20 qabu qopheeffachuun manneen barnootaa afur barsiisota 5-8tti barsiisan bira seenuun daawwannaad daree gageessuun odeeffannoo walitti qabatte. Odeeffannoo argames kanneen bargaaffii barattootaafi afgaaffii barsiisotaa irraa argamaniin walsimachiisuun qaaccessite. Dhuma irratti qorattuun kanneen olii jiran caalatti mirkanneeffachuuf sakatta'a baruu barattootaa qabatamaan ilaaluun miirkanneeffatte booda walitti qabuun qaaccesite.

Walumaagalatti adeemsa odeeffannoo qaacceessa ragaalee kana keessatti qorattuun odeeffannoowwan bargaaffii barattootaa, afgaaffii barsiisotaa, daawwannaad dareefi sakatta'a barruulee barattootaa irraa argamee walbira qabuun qaacceessuun yaada cuunfaa ta'e itti kenniteetti. Qaacceessuun ragaa kunis ka'umsa qorannichaa irratti qabxiiliee gurguddoo bu'uuraa afur ta'an jalatti qoqqooduun akka duraa duuba isaaniitiin qaacceeffame.

### **4.2.1 Barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammaffatti baratan afaanicha barachuuf fedhii hammamii qaban**

Qabxii kana jalatti odeeffannoob bargaaffii barattootaa, afgaaffii barsiisotaa, habuurraa dareefi sakatta'a barruulee barattootaa irraa fedhii barnootaa Afaan Oromoo kutaa 5-8tti barachuuf qaban irratti kan argametu walitti qabamee qindaa'e qaacceeffame. Qaacceessi ragaawwaan afgaaffii barsiisotaa gaaffii 5 qabu, ragaalee bargaaffii barattootaa gaaffii 6 qabu, ragaalee daawwannaad daree gaaffii 6 qabuufi sakatta'a barruulee barattoota ofkeessatti kan qabatedha.

T.	Gaaffilee Dhiyaatan	Safaratuu	Deebii	
			Baay'ina	%
1	Yeroo barumsa Afaan Oromoo kabajuun daree keessatti ammam argamta?	1 yeroo hundaan argama	86	53
		2 yeroo baay'een argama	70	29
		3 yeroo tokko tokkon argama	18	11
		4 yeroo muraasan argama	12	7
		5 Gonkuma hinargamu	-	-
		Ida'ama	163	100
2	Barnoota Afaan Oromoo barachuu jaallattaa?	1 baay'ee jaalladha	80	49
		2 nanjaaladha	32	20
		3 darbee darbee jaaladha	20	12
		4 badaa miti	15	9
		5 hinjaaladhu	16	10
		Ida'ama	163	100
3	Yeroo Barumsa Afaan Oromoo barattuu gaaffii gaaffachuus ta'e deebisuuf ammam tattaafatta?	1 yeroo hundan tattaafadha	24	15
		2 yeroo baay'een tattaafadha	68	42
		3 darbee darbeen tattaafadha	62	38
		4 guyyaa muraasa qofa	1	1
		5 gonkuma hin tattaafadhu	8	5
		Ida'ama	163	100
4	Hojii manaafi daree siifkenname hoijettee barsiisaa keetti niagarsiifatta? yookaan soroorsiifatta?	1 yeroo hundan agarsiifadha	55	34
		2 yeroo baay'een agarsiifadha	59	36
		3 yeroo tokko tokko qofa	31	19
		4.guyyaa xiqqoo qofa	12	7
		5 hojjechuuf hinbarbaadu	6	4
		Ida'ama	163	100
5	Gochoota daree keessatti marii gareefi waliin dubpii barattootaa waliin hirmaanaa gootaa?	1 yeroo hundan hirmaadha	53	32
		2 yeroo baay'een hirmaadha	60	37
		3 yeroo tokko tokko	46	28
		4 gochuu hinfedhu	1	1
		5 lakki hinhirmaadhu	3	2

		Ida'ama	163	100
6  Meeshaalee barnootaaf ta'u hunda guuttattee dareetti niargamtaa?		1 yeroo hundan argama	92	56
		2 yeroo baay'een argana	53	33
		3 darbee darbee qofa	11	7
		4 yeroo muraasa	4	2
		5 gonkuma hinargamu	3	2
		Ida'ama	163	100

Gabatee 3 Barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammaffatti baratan afaannicha barachuuf fedhii qaban ilaachisee.

Haaluma gabatee 3 gaaffii 1 irratti mullatu yeroo barumsa Afaan Oromoo kabajuun daree keessatti ni argamtaa jedhu ilaachisee gaaffii dhiyaateef barattoonni deebii yookennan barattoonn 86 (% 53 )yeroo hunda nan kabaja yoo jedhan barattoonni 47( 29% )yeroo baay'ee jechuun, barattoonni 18 (%11) immoo yeroo tokko tokko yeroo kabajanii akka argaman yoodeebisan,barattoonni 12 (%7) yeroo muraasa yeroo kabajanii kan argamanii ta'uu deebisan. Barattoonni, gonkuma kan jedhee deebise hinjiru. Deebii isaanii kanaan akka ragaan barattoota %53 ibsutti barattoonni baay'een isaanii yeroo hunda sa'aatii barumsaa kabajuun kan dareetti argamani ta'uu hubachuun nidanda'ama. Kanaaf baay'nni barattootaa yeroo barumsaa kabajanii dareetti argaman sadarkaan ol'aanaa ta'uu agarsiisa.

Yaaduma armaan olii irratti, afgaaffiin barsiisotaaf dhiyaateen deebiin argames kan barattootaa waliin irracaalaan isaa wal fakkaata, barsiisonniis deebii kana yeroo deebsani yeroo hunda barattoonni irra caalaan isaanii yeroo isaanii kabajanii daree keessatti ni argamu, sababni isaas hordofiiniifi to'annan barsiisas ta'e kan mana barumsichaa qabu murteesaadha waan ta'eef jechuun deebii isaanii kennaniiru.

Akkuma bargaaffii barattootaafi afgaaffi barsiisota irraa hubachuun danda'ammetti qorattuun kanuma miirkaneeffanna yeroo wayitii Afaan Oromoo daree galuun habuuraa gaggeesiteen barattoonnii hedduun isaanii daree keessatti argamuun yeroo barumusa isaannii hordofan, kanneen baay'ee muraasa ta'aniis yeroo barumsaa isaanii akka hinkabjinnees hubattee jirti. Kanaaf barattootni yeroo barnoota Afaan Oromoo baratan yeroo kabajanii dareetti argaman olaanaa ta'uu agarsiisa.

Gabatee 3<sup>ffa</sup> gaaffii 2<sup>ffa</sup> irraa akka hubbatamuutti bar gaaffiiin barattootaaf dhiyaate, Afaan Oromoo barachuu jaall'attaa? gaaffii jedhuuf deebii yoo keennanii,baratoonni 80 (%49), baay'een jaalladha yoojedhan,baratoonni 32(%20), nanjaalladha jechuun deebii yookennan kanneen 20(%12) darbee darbee jedhani deebisan, barttoonni 15 (%9) badaa miti jechuun, kanneen hafani 16 (% 10) immoo hinjaladhu jedhanii yoodeebisan argamu. Akka gaaffii kana irraa hubachuun danda'ametti, %49 akka ibsutti baratoonni garri caalaan barumsa Afaan Oromoo barachuu baay''ee jaalladha jedhanii deebii kennaniiru. Kuni immoo kan agarsiisu barattootni hedumiinaan Afaan Oromoo fedhiin barachuu isaanii agarsiisa jechuudha.

Akkuma bargaaffii barattoota irraa hubatameetti afgaaffii barsiisootaaf dhiyaatees baratoonni keessan Afaan Oromoo yeroo baratanii fedhiin isiin hordofuu gaaffii jedhuuf barsiisonni caalaan isaanii yoodeebii kennani, baratoonni harki caalu Afaan Oromoo barachuuf fedhii qabu. Garuu rakkoon isaanii inni guddaan afanicha walaaluudha. kun immoo Afaan Oromoo kutaa gara gadiitti jalqabuu dhabuun rakkoo isaanii isa gudda akka ta'e ibsan. Barsiistuu tokko garuu baratoonni afaannichuma barchuuf fedhii hinqabani sababni isaas Afaanuma Oromoo gara Afaan Amaaraatti hiikee yeroon barsiisu qofa wayyaafii malee Afaan Oromoo barachuu irratti fedhii hinqabani yeroo hunda Afaan Amaaraan barsiisaa jechuun nidnda'ama jechuun yaada ishee ibsite. Akka yaada barsiistuu kanatti baratoonni kun yeroo hundaa Afaan oromoo barachuuf carraa akka hinarganneetti fudhatamu danda'u kana jechuun baratoonni kun hubannoonaan afanichaaf qabani gadi bu'aa ta'uu agarsiisa.

Yaaduma bargaaffifi afgaaffii irraa argameen dabalataan qorattuun habuurraa daree keessatti taasifameen immoo baay'ee addummaa hinqabaatu. Akkuma barsiisooni irra caalaan isaanii ibsanitti baratoonni Afaan Oromoona afan lammaffaa isaanii ta'e yeroo baratanii harkii %75 ol ta'an fedhiin barumsicha ni hordofu jechuun ni danda'ama. Rakkoon isaanii inni guddaan garuu afanichaifi hiika afanicha wallaaluu rakkoo isaanii isa bu'uura ta'uu mul'sa.

Gabatee 3<sup>ffa</sup> gaaffii 3<sup>ffa</sup> Yeroo barumsa Afaan Oromoo barattu gaaffii gaafachuuus ta'e deebisuuf nitattaafatta? Gaaffii jedhu dhiyaateefii ture. Baratoonni deebii yookennan baratoonni 24(% 15) yeroo hundaa jechuun, baratoonni 68(%42) yeroo baay'ee, Baratoonni 62(% 38) darbee darbee akka gaaffii gaafataniifi deebisanitti deebii yookennan, kanneen hafanii immoo 1(% 1), hinfedhu jechuun, 8(%5) gonkuma. Jedhanii deebii kennaniiru. Akka yaada bargaaffii barattoota kana irra hubatamuutti baratoonni % 42 akka ibsutti yeroo Afaan Oromoo baratani gaaffii

gaafachuus ta'e deebisuuf tattaaffii godhani ta'uu argina. Kana jechuun barattoonni harkii caalaan isaanii Afaan Oromoo yemmuu baratanii gaaffii kangaaffataniifi kan deebisanii ta'uu mul'isa.

Afgaaffii brsiisotaaf dhiyaates gaaffii barattoonni keessan yeroo Afaan Oromoo baratan gaaffii gaafatamanii deebisuufi kan isaaniif hingalle immoo nigaafatu? Gaaffiin jedhu dhiyaateefii ture. Deebiin barsiisota irraa argames, barattoonni gara caalatti gaaffii gaafataman deebisuu irratti gaariidha. Gaaffii gaafatanii hubachuu irratti garuu barattoota muraasa ta'an qofatu gaaffachuuf yaalii godha. Barattoonni muraasni kanneen gaaffii gaafatanii kunis sababa afaanichuma waan hinbeekneef hubachuufis ta'e hiika Afaan Oromoo gara Afaan Amaaraatti akka hiikamuuffi waan barbaadaniif nigaafatu, kan barbaadaniis Afaan Oromoob barachuu osoo hin taane Afaan Amaaraan barachuu waan barbaadaniif, kun immoo kan agarsiisu akkuma barumsa kaanii kutaa gara gaditti jalqabanii barachuu dhiisuun akka afaanicha hinhubanneefi fedhii hinqabaanne isaan gochuu irra darbees, Akka isaan hinfayyadneetti hubachuun Afaan Oromoob waan isaaniif hingallee gaafachuuf tataafiin barattoonni godhan gahaa miti jechuun yaada isaanii ibsan.

Akka miirkaneeffannaa habbuurraa darreetti barattoonni gaaffifi deebii daree keessatti maal fakkaatuu gaaffii jedhuuf waan qorattuun hubatte, barattoonni gaaffii gaafatamaniif deebisuuf hedduminaan argamu, garuu irracaalatti Afaan Amaaraatiin yeroo deebisan argamu. Gama barsiisaatiiniis kan argamu kan walfakkatudha. Barsiisota tokko tokko biratti immoo afaan lamaniin barsiisu. Kuni immoo barattoonni kun Afaan Oromoo baratanii bu'aa qabeessa ta'aniiru jechuun hindanda'mu.

Gabatee 3<sup>ffaa</sup>, Gaaffii 4<sup>ffaa</sup>, Hojii manaafi daree hojjettee barsiisaa keetti niagarsiifatta gaaffii jedhuufi barattoonni 55(%34) yeroo hunda, barattoonni 59(%36) yeroo baay'ee, barattoonni 31(%19) yeroo tokko tokko, hojjetanii akka agarsiifatan yemmuu deebisan. Kan hafan garuu 12(%7), hojjechuuf hinfedhu, akkasumas 6(%4) gonkuma hojjedhee hinagarsiifadhu jedhanii deebisan. Ragaan deebii barattoota irraa argame kun barattoonni irra caalaan isaanii hojii manafi hojii daree hojjetanii kanagarsiifatan ta'uu ragaan barattoota irraa argame ni mul'isa. Odeeffannoob deebii barattoota caalatti %34 irraa argame kanatti barattoonni irra caalaan isaanii hojii manaafi daree hojjechuu isaanii giddu-galeessa ta'uu agarsiisa.

Afgaaffii barsiisotaatiin immoo, barattoonni yeroo hojii manafi kan daree kennamu hangam hojjetanii isinnitti agarsiifatu gaaffii jedhuuf, barsiisonni sadii barattoonni caalaan isaanii akka

hojjetanii soroorsifatani yoodeebisan, warren kaan garuu gaaffii qofa barreesanii dhufuun deebii walirraa galagalchuuni malee ofii isaanii ofdanda'anii akka hinhojjenne deebii kennan. Barsiiftun biraan immoo barattoota muraasa yoota'e malee garricaalu isuma kitaaba isaanirraa barreessaa koottaa yeroo jedhamanii barreesanii dhufuufiyuu fedhii hinqabani jechuun deebiste. Akka yaada barsiisota kanatti waanti hubatamuu qabuu adeemsa baruu barsiuun barsiisota gidduu jiru, akkaataan to'annaafi hordofiin barsiisota garaagarummaa qabaachuufi barataan hojjechuufi hojjechuu dhiisuu irratti murteessaan barsiisaa barsiisu sana ta'uu agarsiisa.

Daawwannaan daree keessatti gageeffameen ragaan argames yaaduma afgaaffii barsiisotaan kan walfakkaatu ta'ee barattoonni hojii dareefi manaa hojjechuu irratti dareedhaa dareetti garaagarumma qabaata. Barattoonni kutaa tokko tokko baay'inaan yemmuu hojjetan argaman kutaan biraan immoo barattoota muuraasa ta'aniitu hojjeetanii agarsiifatu. Akka barruuleen barattoota qorattuun barattoota tokko tokko irraa dabtara isaanii harkaa fudhuun ilaaluuf yaaltetti hojjechuufi dhiisuu isaanii gochawanisaan raawwatan irraa hubachuun danda'ameera. Kanaaf barattoonni hojjechuufi hojjechuu dhiisuun kutaadha kutaattii, akkasumas mana barumsaadhaa mana barumsaatti garaagarummaa akka qabu hubachuuf yaaltetti. Kanaaf barattoonni fedhiin hojii manaafi daree hojjetanii agarsiifachuu irratti sadarkaa gidduu galeessa irratti argamuu ragaan miirkanaa'eera.

Gabatee 3<sup>ffaa</sup>, gaaffii 5<sup>ffaa</sup> irratti Gochawan marii gareefi waliin dubbii barattoota waliin nihirmaattaa gaaffiin jedhu gaafataman. Barattoonni 53(%32) yeroo hunda, barattonni 60(%37) yeroo baay'ee, barattoonni 46 (%28) yeroo tokko tokko jechuun marii gareefi waliin dubbiin barattoota waliin akka hirmaatan yoodeebisan, barataan baay'ee muraasa ta'an 1(%1) gochuu hinfedhu, akkasumas barattoonni 3(%2) immoo gonkuma jedhanii deebisan. Akka waliigalatti ragaan deebii barattoota kanaa agarsiisutti barattoonni %37 ta'a marii gareefi waliin dubbiin akka hirmaatanitti ragaan niagarsiisa. Kun immoo hirmaannaan barattootaa haala mariigareefi waliin dubbiin walirraa barachuun olaanaafi bu'aa qabeessa akka ta'e ragaan barattoota irraa argame ni mul'isa.

Yaaduma kana irratti afgaaffii barsiisotaafi dhiyaatee deebiin argame bargaaffii barattootaa wajjiin kan walfakkaatudha. Barsiisoonni hundi akka jedhanitti barattoonni yeroo marii gareefi waliin dubbii irratti caalatti kan hirmaatan akka ta'e ibsan. Sababni isaas barattoonni hudduun

isaanii afaan waan hinbeekneef qophaa qophatti hojjechuurraa yeroo gareen hojjetaniifi waliin mari'atan irra caalaa akka hirmaatan kan isaan godhu barattoota afaannicha beekan waliin akka barbaadan dubbachuufi waliigaluu waan danda'aniifidha jechuun deebii kennan.

Daawwannaan darees bargaaffii barattootaafi afgaaffii barsiisota caalatti mirkanneeffachuuuf haabbuurraan gaggeeffameen ragaan argames kanwalfakkaatudha. Baratoonni yeroo barumsa baratani barumsichi kan barsiisaa gidduugaleeffaterra kan barataa gidduugaleefate osoo ta'e caalatti barattoota hirmaachisaa ta'uu isaa ragaa argame irraa hubachuun danda'ameera. Kanaaf baratoonni Afaan Oromoona afaan lammaaffaa isaanii ta'e kanneen waliin mariin, hojii gareefi waliin dubbiin walgargaaranii wal irra akka baratan gochuun haalli fedhii barattootaa irraa mul'atu olaanaa ta'uu odeeffannoo argameen adda baheera. Haata.u malee barsiisonni irra caalaan isaanii barattoota haala kanaan akka hin hirmaachisnes arguun danda'ameera,

Gabatee 3<sup>ffaa</sup> gaaffii lakkofsa 6 akka mul'aturraa gaaffii meeshaalee barnootaa sibarbaachisu hunda guuttattee dareetti argamtaa jedhu yeroo deebii kennan baratoonni 92(%56) yeroo hunda, baratoonni 53(%33) yeroo baay'ee yemmuu jedhan, baratoonni 11(%7) yeroo tokko tokko meeshaalee barnootaaf ta'u akka guutattanii dhufan deebisan. Akkasumas baratoonni 4(%2) yeroo muraasa yemmuu jedhan baratoonni 3(%2) tasuma akka fidanii hindhufne deebii kennan. Akka ragaan deebii barattoota %56 irraa argame kun agarsiisutti baratoonni hedduun yeroo hunda meeshaalee barnootaa guutatanii dareetti argamuu isaanii kan agarsiisudha.

Yaaduma kanas miirkanneeffachuuuf habbuurraan daree taasiffameen baratoonni tokko tokko guutatani akka hindhufnefi barataan dabtara hinqabneefi dabitala gosa barumsa biraa qabatee taa'us arguun danda'ameera. Haata'u malee baratoonni akkasi baay'ee xiqqoo ta'an yoojiraataniyyuu, hedduun isaanii meeshaalee barnootaa isaan barbaachiisu hunda guutachuun gara barnootaa akka dhufan qorattuun mirkanneeffatteeti.

Walumaagalatti akka ragaan bargaaffii barattootaa, afgaaffii barsiisotaa irraafi daawwanna daree irraa argame kun mul'isutti, baratoonni yeroo barumsaa kabajjanii dareetti argamuu irratti haalli jiru olaanaa, Afaan Oromo jaalatanii fedhiin barachuu irratti sadarkaa olaanaa, gaaffii gaafatanii hubachuurratti gidduu galeessa, hojii manafi daree hojjechuu irratti olaanaa, marii gareefi waliin dubbiin walirraa barachiif yaalii godhan sadarkaa olaanaa, akkasumas, meeshaalee barnootaa guutatanii argamuu irratti haalli jiru olaanaadha Kanaaf akkuma waliigalatt carraqqiin

barattootaa kutaa 5-8 Afaan Oromoo barachuuf qaban haalaa gaarii waan ofkeessaa qabuuf fedhiin isaan barnnoota kanaaf qaban olaanaa akka ta'e hubachuun danda'ameera.

#### **4.2.2 Waantoota Fedhii Barattootaa Afaan Oromoo akka afaan lammaffatti barachuuf qaban irratti dhiibbaa geesiisuu danda'an**

Qabxii kana jalatti odeeffannoo bargaaffii barattootaa afgaaffii barsiisotaa habuurraa dareefi sakatta'a barruu barattootaa irraa fedhii baranoota Afaan Oromoo kutaa 5-8 akka afaan lammaffaatti baratan kanneen miidhuu danda'an walitti qindaa'ee qaacceffama. Qaaccess ragawwanii, bargaaffii barattootaa 3, afgaaffii barsiisotaa 3 haburraa daree 3 fi dookumantii barattootaa ta'ani ofkeessatt qabata.

Gabatee 4 Fedhii Barnoota Afaan Oromoo Barachuuf Kanneen miidhan ilaachisee

Lakk	Gaaffiwwan	Safartuu	Deebii	
			Baay'ina	%
7	Yeroo barsiisaan kee gaaffii sigaafatan Afaan Oromoof dubbachuu/ deebisuuf ni sodaattaa?	1 yeroo hundan sodaadha	5	3
		2 yeroo baay'een sodaadha	37	23
		3 darbee darbeen sodaadha	36	22
		4 hin sodaadhu	36	22
		5 nan sodaadha	49	30
		Ida'ama	163	100
8	Wayitiin Afaan Oromoof ramadamee jiru gahaadha jettee yaadda?	1 baay'ee gahaadha	41	25
		2 gahaadha	35	21
		3 giddu galeessadha	21	13
		4 gad-aanaadha	46	28
		5 baay'ee gadaanaa	20	12
		Ida'ama	163	100
9	Barsiistuun yeroo barsiisu naamuusa daree hammam kabachiisuun barsiisa yookaan barsiifti?	1 yeroo hunda kabachiisa/-ti	39	24
		2 yeroo baay'ee kabachiisa/-ti	40	25
		3 darbee darbee kabachiisa/-ti	39	24
		4 yeroo muraasa nikabachiisa	28	17
		5 lakki hin kabachiisu/-ttu	17	10
		Ida'ama	163	100

Gabatee 4<sup>ffaa</sup> gaaffii 7<sup>ffaa</sup> bargaaffii barattootaaf dhiyaate, yeroo barsiisaan kee gaaffii sigaafattuu/tu deebii deebisuuf ni sodaattaa? Jedhamanii gaafatamanii ture. Barattooni 5(%3) yeroo hundaa, barattooni 37(%23) yeroo baay'ee, akkasumas darbee darbee kanjedhan 36(%22) yoojiran, barattooni 36(%22) hin sodaadhu, barattooni harki caalaan 49(%30) garuu nan sodaadha jedhanii deebisan. Akka gabatee kanarraa hubachuun danda'metti barattooni muraasni akka hinsodaanne yooibsaniyyuu harki caalaan isaanii ammo %30 yeroo gaaffataman akka sodaatani ragaan gabatee keessa niagarsiisa. Kunimmoo kan mul'isu barattooni afaannicha waan hinbeekneefi hiika afaannichaas wallaaluu irraa kan ka'e ta'u agarsiisa. Sababni isaas barattooni Afaan Oromoo kutaa shanii jalqabuun isaan siritti barachuu dhisuifi shaakala yeroo dheeraa siritti gochuu dhisuun haamilee barattoota kana miidhuu agarsiisa.

Haaluma daawwannaan daree keessaa miirkanneeffachuuuf yaalameettis kanuma agarsiisa. Barattooni irra jireessi isaanii yeroo gaaffii gaaffatamanis ta'e akka dubbisuuf yeroo gaafatamani nididu. sababni isaas yoon dogoggore natti kolkuu jechuun, deebii kennuufis ta'e dubbisuuf fedhiis akka hinqabaannedha ragaan daawwannaan daree kan mul'isu. Barsiisaan dandeetti barattootaa gabbisuuf maloota adda addaatti fayyadamee gochaalee garaagaraatiin barattooni hubannoo beekumsafi dandeettii isaaniif fayyadu dhiyeessuu qabu.

Gabatee 4<sup>ffaa</sup> gaaffii 8<sup>ffaa</sup> gaaffii wayitii Afaan Oromoof ramadamee jiru gahaadha? Gaaffii jedhuuf barattooni 41(%25) baay'ee gahaadha, barattooni 35(%21) gahaadha, barattooni 21(%13) giddu galeessa kan jedhan yoo ta'u, barattooni irra caalaan isaanii 46(%28) garuu gadaanaadha jechuun deebisan. Barattooni 20(%12) ta'an immoo baay'ee gadaanaadha jechuun deebii kennaniiru. Raagaan deebii barattoota irraa argame kun akka mul'sutti barattooni afaan lammaffaa isaanii kana yemmu baratan wayitiin ramadameefii jiru gahaa akka hintaaneefi barumsa Afaan Oromoo kana siritti akka hinbaranne kan agarsiisudha. Kun immoo adeemsuma baruu barsiisu keessattis dhiibbaa geesinan keessaa tokkodha. Kaanaaf barattooni afaan lammaffaa isaanii barachuuf qaban sababa wayitiin xiqlaachuu irraa kan ka'e barattootni afaan lammaffaa barachuuf carraa qaban gadi aanaa akka ta'ee ragaan nimul'sa. Kun immoo wantoota fedhii barattoota irratti dhiibbaa geesisuu danda'an keessa isa tokko ta'u agarsiisa.

Afgaafii barsiisotaaf dhiyaate ilaachisee deebiin barsiisota irraa argame kanuma barattootaa waliin tokkodha. Akka deebii isaanitti sababa wayitiin Afaan Oromoo torbanitti guyyaa tokko yookaan lama ta'eef akka barbaadamuun barsiisufi hirmaannaan barattoota daree keessatti

godhan laafaa ta'uun dandeetti afaan lammaffaa isaanii akka cimsataniif adeemsa barataa gidduu galeessa godhateen kan barsiifamu miti yaada jedhu deebii kennan.

Haaluma yaada armaan olii irratti hundaa'uun habuurraan daree gaggeeffamee ragaan argames kanbargaaffii barattootaafi afgaaffii barsiisotaa waliin walfakkata. Baratoonni hirmaannaan barnoota kana irratti qaban gadi aanaa ta'uu mul'isa. Baratoonni yeroo barumsi Afaan Oromoo baratan maqaafi malee yeroo qabaatanii kan baratan miti. Barsiisonnis yeroo Afaan Oromotiin baratani baratoonni waan hin hirmaanneef yookiin hinhojjenneef dirqama Afaanuma Amaaraatiin irracaalatti akka barsiisan ragaan haburra dareen miirkanneeffachuun danda'ameera.

Gabatee 4<sup>ffa</sup> gaafii 9<sup>ffa</sup> barsiisaan/tuun yeroo barsiisutti naamuusa daree hammam kabachiisaa? Baratoonni 30(%18) yeroo hundaa, baratoonni 32(%20) yeroo baay'ee, baratoonni 35(%21) altokko tokko naamuusa daree akka kabachiisan ibsan. Baratoonni 46(%28) garuu yeroo muraasa qofa naamusni daree kan kabajjamu ta'uu ibsan. Barattootaa 20(%12) homaa naamuusa daree keessaa akka hinkabachiisne deebisan. Kana irraa ka'uudhaan naamusni daree kabachiisuun barumsa kennamu irratti haalli jiru gidiaana ta'uu hubachuun nidanda'ama. Kanaaf baratoonni naamuusa eegan baratanirraa kanneen naamuusa daree kanneen eegatanii hinbarannetu gad-aanaa ta'uu hubatamuun danda'ameera.

Afgaaffii barsiisotaaf dhiyaates naamuusn daree keessaa kabajjamuufi kabajjamuu dhiisuun fedhii baratoonni barumsaaf qaban irratti dhiibbaa akkamii akka qabu ilaachisee gaafatamani ture. Akka yaada barsiisota sadan ibsanitti rakkoo naamuusa barataa barattoota muraasa biratti akka mulatu ibsan. Naamuusnni daree yoohinkabajjamne barumsicha barattoota biraan gahuun kanhindanda'amnedha. Akkasumas fedhii baratoonni barumsaaf qaban miidhuun akka siritti hin baranne godha jechuun yaada isaan ibsan. Dabalataan barsiissoonni biraan immoo yoo ibsan, baratoonni kutaa5-8tti jiran umrii ijoolummaa keessa waan jiraniif naamuusa isaanii haala salphaan sirreesuun nidanda'ama. Baratoonni kun baay'ee muuraasa ta'an irraa kan hafe eekkamsa barsiisaa irra waan darban humnaa olta'an akka hinjirre ibsan.

Yaada armaan olii adda baafachuuf daawwanna daree adeemsifameen, yeroo barumsi kennamaa jirutti baratoonni tokko tokko barumsa kennamaafi jiru hordfuu dhiisani waliin oddeessu, kitaaba gosa barumsa biraan irraa hojii manaa barreessufi yemmuu hojiin daree kennamuuffii deebii waraaqa irratti barreessanii waliif darbachuun daree keessatti haalli

naamuusa daree kabajuufi kabachiisuu irratti hamma tokko rakkoon jiraatus barattootni irra jireesi isaanii naamuusaan akka baratan hubachuun danda'ameera.

#### **4.2.3 Barsiisonni Barattoota Keessatti Fedhii Afaan Lammaffaa Itti Horuuf Tattaaffii Taassisan**

Qabxii kana jalatti odeeffannoo bargaaffii barattootaa 5, afgaaffii barsiisotaa 2, daawwannaadaree 5 fi dookumantii barattootaa irraa barsiisoonni barattootra isaanii keessatti fedhii Afaan Oromoo itti uumuuf yaalii taasiisan walitti dabalamee qindaa'uun qaacceeffama.

Gabatee 5 Barsiisonni Barattoota keessatti Fedhii Afaan Oromoo Itti Horuuf Caraagan Ilaalchise

Lakk	Gaaffilee gaafataman	Safartuu	Deebii	
			Baay'ina	%
10	Haalli dhiyeessa barumsa Afaan Oromoo barsiistuu/saa hammam sigammachiisa?	1 yeroo hunda nagammachiisa	26	16
		2 yeroo baay'ee nagammachiisa	34	21
		3 giddu galeessadha	39	24
		4 gadi-aanaadha	41	26
		5 hingammachiisu	23	14
		Ida'ama	163	100
11	Barsiisaan/barsiistuu barattoonni gareen walgargaaranii akka walirraa baratan hammam carraa isiniif kennitii/kennaa?	1 yeroo hunda	43	27
		2 yeroo baa'yee	23	14
		3 darbee darbee	51	31
		4 badaa miti	26	16
		5 gonkuma hinkennani	20	12
		Ida'ama	163	100
12	Yeroo wayitii barnoota Afaan Oromoo barattan waan ifa isinii hin taane gaafachuufi kan gaafatamtanii immoo deebisuuf hammam yaaltuu?	1 yeroo hunda	20	12
		2 yeroo baay'ee	26	16
		3 darbee darbee	35	21
		4 yeroo muraasa	50	31
		5 gonkuma	32	20
		Ida'ama	163	100
13	Barsiisaan meeshaalee deegarsa	1 yeroo hunda	18	11

	barnootaa dabalataan fayyadamuun hammam barumsa isiiniif kenna/tii?	2 yeroo baay'e 3 darbee darbee 4 guyyaa tokko 5 gonkuma Ida'ama	25 24 28 68 163	15 15 17 42 100
14	Barsiisaan kee waan ati dogogortuufi shaakala ati gootu irratti haala mijeessuun siqajeelchaa/sitii?	1 yeroo hundaa qajeelchu	5	3
		2 yeroo baay'ee niqajeelchu	20	12
		3 darbee darbee qajeelchu	36	22
		4 nuqajeelchu	16	10
		5 gonkuma hinqajeelchan	86	53
		Ida'ama	163	100

Gabatee 5 gaaffii 10<sup>ffaa</sup> gaaffii haalli dhiyeessi barumsa Afaan Oromoo ammam sigammachiisa?

Gaaffii jedhuuf deebii yookennan, barattooni 26(%16) yeroo hunda, 34(%21) yeroo baay'ee, 39(%24) altokko tokko, haalli dhiyeessi barumsaa Afaan Oromoo akka isaan gammachiisu yoo deebisan, Barattooni harki caalu garuu 41(%26) gad-aanaadha jechuun deebisan, barattootni muraasa ta'an immoo 23(%14) nahingammachiisu jedhanii deebisaniiru. Akka deebii barattoota kanatti barattooni harki caalaan%26 haallii dhiyeessa barumsa Afaan Oromoo itti kennamaaf jiru homaa hinjedhu, jedhanii deebii kenuun isaanii kan isaan hingammachiisne ta'uu agarsiisa. Kun immoo adeemsa baruu barsiisuu keessatti haalli dhiyeessi Barumsi Afaan oromoo barattoota Afaan Oromoona afaan lammaffa isaani ta'e kutaa 5-8 jiran gadi aanaa ta'uu agarsiisa.

Kanuma miirkaneeffachuuuf daawwannaan daree qorattuun taasifameen, haalli dhiyeessi barnoota Afaan Oromoo kutaa 5-8 barattoota Afaan oromoona afaan lammaffa isaanii ta'e kanaaf maalfakaata? Kanjedhu. hubachuuf qorattuun yaalametti, barattooni afaan lammaffa isaanii ta'etti kan si'aayinaan akka baratan kan isaan kakkaasu miti. Barattooni kun Afaan Oromoo afaan lammaffa isaanii waan barataniif caalatti hubachiisufis ta'e jaalachiiisuuf gochoonni Afaan Oromoona akka shaakala garaagaraa daree keessatt taasiisanii gochuu, meeshaalee deegarsa barnootaatti fayyadamuun barsiisuu, barattooni dubbisa carraa walqixa ta'e kenuun dubbisiiuu, daree barnootaa keessatti Afaan Oromoona akka dubbatan gochuuf k.k,f barsiisuu dhiisuun hanqina waan qabuuf haalli dhiyeessi daree barnoota keessatti rakkoon argamaa jiru barattoota gammachiisu akka hindandeenye, akkasumas barattootuma muraasa sochii qaban qofa akka hirmaachisan qorattuun mirkanneeffattee jirti.

Gabatee 5 gaaffii lakkofsa 11<sup>ffaa</sup> barsiistuun/aan keessan barattoonni gareen walgargaartanii akka walirraa barattan ammam carraa isiniif kennitii/na? gaaffii jedhuuf yoo deebii kennan barattoonni 43(%27) yeroo hunda, barattootni 23(%14) yeroo baay'ee, jechuun yemmuu deebisan, barattootni harki caalaan immoo 51(%31) darbee darbee qofa barnoota Afaan Oromoo walgargaaruun akka wal irraa barataniif carraa akka kennamuuf ibsan. Barattoonni 26(%16) badaa miti, kanneen hafan 20(%12) gonkuma akka walirraa barataniif carraa hinkenninoeffii ibsan. Akka yaada barattoota kana irraa hubachuuf danda'ameetti, barattoonni afaan biraatiin afaan hiikatan jalqabuma yeroo mana barumsa galan Afaan Oromoo (afaan lammaffaa) isaanii walaaluu irraa kan ka'e barsiisaafi barattoota waliin waliigaluuf nirakkatu. Akkasumas barsiisotaa isaaniin akka afaan lammaffaa isaanii haala gaariin barataniifii dubbataniif hin jajjbeeffaman. Kanaaf barattootni kun afaan kanaaf dhimmuu dhiisuun akka dagachaa deeman isaan taasisa. Kana irraa kan ka'e barattoonni afaan lammaffaa isaanii yeroo baratanitti baay'ee miidhamu danda'u.

Akka oddeeffannoo dabalatatti daawwanna daree gageeffameen yaada barattoonni kennan wajjiin addummaa hinqabaatu. Barsiissonni yeroo barumsa kana barsiisanitti kan dirqama isaanii bahachuuf barsiisan fakkaatu malee barattoonni barumsi Afaan Oromoo kun barattoota kanaaf haalaa kamiinii yoo baratan barattoota kanneen gahoomsuun danda'amaa? kan jedhu bu'uura kangodhate osoo ta'eefi, tooftaaleen garaagaraa itti barsiifaman jiraatanii karaa barattoota hunda walqixa hirmaachisuun barsiifame gaarii ta'uu hubachuun danda'ameera.

Gabatee 5 gaaffii 12<sup>ffaa</sup> wayitii barnoota Afaan Oromoo barattanii kan ifa siif hintaane gaafatte hubachuufi isa gaafatamte ammo deebisuu irratti hammam yaaltaa? Gaaffii jedhu dhiyaateefii ture. Barattoonni 20(%12) yeroo hunda, barattoonni 26(%16) yeroo baay'ee, barattoonni 35(%31) darbee darbee jechuun ibsan. Barattoonni harki caalaan immoo 50(%31) ta'an garuu yeroo muraasa qofa waan ifa hintaaneefii gaaffii gaafachuurratti kan hirmaatan ta'uu ibsan. Barattoonni 32(%20) ta'an immoo gonkuma waan ifa isaaniif hintaane gaafatanii baruu (hubachuu) akka hindandeenye ibsan. Haalli adeemsa baruu barsiisuun kan barattoota giddugala hingodhannefi kan hinmijanne ta'uu agarsiisa.

Afgaaffiin barsiisota waliin taasifameeniis deebiin argame akka ibsutti, barattoonni gaaffii gaafatammani deebii kennuurrsti homaa hinjedhani deebisuuf niyaalu, garuu barattoonni kan ifa

isaaniif hintaane gaffii gaafatanii hubachuurratti tattaafii taasiisan gadi aanaa ta'uu barsiisooni hundi yaada isaanii ibsan.

Yaaduma bargaaffifi afgaaffii miirkanneeffachuuf habuurraan daree gaggeeffameen ragaan argame, barattooni baay'innan waan isaaniif hingalle gaafatanii hubachuuf yaalii godhan gadaanaa ta'uu agarsiisa. Kanaaf fedhiin barnoota Afaan Oromoo kutaa 5-8tti jiran waan isaaniif hingalle gaafatanii hubachuuf qaban gadii aanaa akka ta'e adda baafachuun danda'ameera.

Gabatee 5 gaaffii<sup>13</sup><sup>ffa</sup> Barsiisaan/-tuun meeshaalee deegarsa barnootaa dabalataa gargaaramuun hammam isiin barsiisaa/-ttii? Gaaffii jedhuuf yoo deebii kennan barattooni 18(%11) yeroo hunda, 25(%15) yeroo baay'ee, 24(%15) yeroo tokko tokko, akkasumas 28(%17) guyyaa tokko qofa akka meeshaa deegarsa barnootaa gargaaramuun isaan barsiisan deebisan. Barattooni caalaan isaanii garuu 68(%42) gonkuma meeshaalee deegarsa barnootaa dabalataa gargaaramuun akka isaan hinbarsiifne deebisan. Egaa akka yaada barattoota kana irraa hubatamutti barattooni afaan Oromoona afaan lammaffaa isaanii ta'e kanneen yeroo baratan kanatti barsiisonni meeshaalee deegarsaa barnootaa gargaaramuun akka hin barsiifneetu mul'ata. Kun immoo haniqinni afaan kana barsiisuu irratti kan mul'atu ta'uufi barattoota afaan lammaffaa baratan kanaaf dhimmamuu dhiisuu akka ta'e agarsiisa.

Miirkanneeffanna daree keessatti gaggeeffameeniis yaaduma barattoota kana waliin tokkodha. Qorattuun yeroo daawwannaa daree irra deddeebiin manneen barnootaa arfan daree tokko keessa marsaa sadii sadii taasifameen barsiisaan kitaaba barataatiin ala meeshaa deegarsaa daree keessatti yemmuu fayyadamee barsiisu arguu hindandeenye. Kun immoo barattoota afaan lammaffaa isaanii baratan kanaaf miidhaa qaba. Sababnisaas barataa afaannicha hinbeekinne tokkoof qabatamatti kan qabiyyee barumsichaa waliin deemuu walbira qabanii barsiisuun caalatti barattoota kanaaf ifafi isaan hubachiisuun nidanda'ama.

Gabatee 5 gaaffii<sup>14</sup><sup>ffa</sup> gaaffii barsiisaan Afaan Oromoo sibarsiisan waan ati yeroo shaakala garaagaraa gochuun yemmuu dogogortutti haala siimijeessuun siqajeelcha/itti? Gaaffii jedhuuf barattooni 5(%3) yeroo hunda, barattooni 20(%12) yeroo baay'ee, barattooni 86(%53) darbee darbee qofa akka yeroo shaakala garaagaraa godhan yeroo dogogorani akka isaan qajeelchan kan deebisan yoota'u, barattooni baay'ee muraasa ta'an nuqajeelchu jechuun deebisan. Barattooni harki caalaan isaanii immoo 36(%22) homaayyuu yeroo dogoggoru haala mijjeessuun

nuhinqajeelchan jedhanii deebisan. Kanaaf barattoonni shaakala godhan yoodogoggora qabaatan kan hinsirreesineefii ta'uun sadarkaa ol-aanaatti argamuu agarsiisa.

Yaaduma kana miirkanneeffachuuf daawwannaan daree gaggeeffameenis deebii barattootaa irraa argameen hamma tokko kan walfakkaatudha. Barattoonni yeroo dogoggora uumani isaan sirreessuu irratti barsiisota hunda biratti walqixa ta'uu hindanda'u. sababni isaas mala baruu barsiisuunis barsiisaa tokko irra barsiisaa biraatti garaagarummaa niqabaatu. Fakkeenyaaaf barsiistuu Afaan Oromoo kutaa 6ffaa B barsiistu yeroo dawwannaan daree gaggeeffameen mata duree of ibsuu jedhu wayitii barsiistutti barattoonni hundiisaanii akkaataa itti hirmaatanitti lakkofsa 1 hanga dhummatti barattoonni jiran dabaree isaaniin ka'uun gabatee gurraacha irratti barreessuun yeroo shaakalaa jiranitti dogoggora barattooni uumani kanneen akka dogoggora qabee, qabee guddaa, jechoota laaffaafi jabaa ta'an, dheeraafi gabaabaa ta'ani yemmuu dogoggorani akka sirrefatani gochuun haala mijjeesittee qajeelchaafi karaa dogoggora isaanii foyyefataniif sirreessaar turte. Adeemsi baruu barsiisuu Afaan Orommoo afaan lammaaffaa isaanii ta'eef akka fakkeenyaa gaariitti fudhatamuufi barattoota haala kanaan barataniif bu'aa qabeessa isaan taasiisu danda'a.

Walumaagalatti odeeffannoon armaan oliirraa hubachuun danda'ametti, bargaaffii barattoota , afgaaffii barsiisotaa, daawwannaan dareefi sakatta'baruu barattootaa irraa mul'atuutti,haallii kennaan barumsaa gadi aanaa ta'uu, barattoonni walgargaaranii akk walirraa barataniif carraan isaaniif kennamu gadi aanaa ta'uu, yeroo Afaan Oromoo baratani kan ifa isaaniif hintaane gaaffatanii hubachuuirratti fedhiin qaban gadi bu'aa ta'uu, meeshaalee deegarsa barnootatti fayyadamuun barsiisuu irratti baay'ee gadi aanaa kan ta'eefi dogoggora barattoonni qaban sirreessuu irratti gadi aanaadha. Kanaafuu, Barsiisoonni barattoota isaanii keessatti fedhii Afaan Oromoo uumuuf carraqanii ilaachisee laafaa ta'uufi hanqina armaan olii kan ofkeessaa qabu ta'uu agarsiisa.

#### **4.2.4 Rakkolee Fedhii Barattootaa Afaan Oromoont Akka Afaan Lammaffaatti Barachuuf qaban Irratti Dhiibbaa Geesiisuu Danda'an**

Qabxii kana jalatti odeeffannoon bargaaffii barattootaa, afgaaffii barsiisotaa, daawwannaan dareefi sakatta'a baruu barattootaa irraa barattoota Afaan oromoont afaan lammaffaa isaanii barataniif kanneen rakkoo ta'uu danda'an irraa walitti qabamee niqaacceeffama. Qaacceessi

oddeeffannoo bargaaffii barattoota 4, afgaaffii barsiisotaa 2, daawwannaa daree 4, fi sakatta'a barruu barattootaa kan ofkeessatti qabatedha.

#### Gabatee 6 Fedhii Afaan Oromoo Barattoota Afaan Lammaffaa Barachuuf rakkoo itti ta'an

Lakk	Gaaffiiwan	Safartuu	Deebii	
			Baay'ina	%
15	Barsiisaan keessan barumsa dabalataa ykn Tiitooriyaalii isiniif kennaa/-ti?	1 yeroo hunda nukenna/-ti	5	3
		2 yeroo baay'ee nukenna/-ti	10	6
		3 darbee darbee nukenna/-ti	36	22
		4 yeroo muraasa nukenna/-ti	37	23
		5 gonkuma hinkenna/-ti	75	46
		Ida'ama	163	100
16	Haallii teessoon barattootaafi baay'inni barattootaa daree keessatti walsimachuun hojii garee hojjechuuf hammam mijataadha?	1 b/baay'ee mijata dha	53	33
		2 baay'ee mijata dha	38	23
		3 gaariidha	38	23
		4 hamma tokko	25	15
		5 mijataa miti	9	6
		Ida'ama	163	100
17	Walitti dhufeenyi barsiisaafi barataa gidduu jiru hammam gaariidha?	1 b/baay'ee gaarii	33	22
		2 baay'ee gaariidha	43	27
		3 gaariidha	49	30
		4 homaa hinjedhu	24	15
		5 gaarii miti	14	6
		Ida'ama	163	100
18	Ati to'annaafi hordofii barsiisaa tokko malee ofitti amanamummaan Afaan Oromoo barachuun dandeetiikee gudiffachuuf hammam yaalii goota?	1 yeroo hunda nayaala	39	24
		2 yeroo baay'een yaala	40	25
		3 altokko tokko qofa	28	17
		4 yeroo muraasa qofa	39	24
		5 gonkuma hinyaalu	17	10
		Ida'ama	163	100

Gabatee 6 gaaffii 15<sup>ffaa</sup> barsisaan/tuun barumsa dabalataa (tiitoriyaalii) siniif kenna/-ti? Gaaffii jedhuuf barattooni 5(%3) yeroo hundaa nukennu, barattooni 10(%6) yeroo baay'ee, nuukennu, barattooni 36(%22) altokko tokko nuukennu yoo jedhan, barattooni 37(%23) guyyaa muraasa qofa nuuf kennama jechuun deebii kennan. Barattootni 75(%46) homaa iyyuu barumsi dabalataa akka hinkenamneefii deebisuu danda'aniiru. Kana irraa ka'uudhaan barumsi dabalataa barattoota Afaan Oromoona afaan lammaffaa isaanii ta'eef gonkuma akka hinkenamneefii ragaan jiru agarsiisuu danda'eera.

Afgaaffii barsiisotaaf dhiyaates barattoota Afaan Oromoona afaan lammaffaa isaanii ta'eef barumsi dabalataa kennuun barsiisaa jirtu? Kan jedhu dhiyaateefii ture. Akka yaada barsiisota sadan ibsanitti barumusa dabalataa barattoota kanaaf kennuun barbaachisaa ta'uus rakkolee adda addaa jiraachuu irraa kan ka'e akka isaan daangeessani kaasaniiru jiru. Isaanis sababa dabaree lamaan barsiifamuuf dareen dabalataa dhibuu, meeshaaleen garaagaraa itti barsiifamu dhibuufi guyyaa barumsa idilleen ala ta'aniin immoo barattooni barachuuf fedhii hinqaban jechuun yaada isaanii ibsan.

Akka ragaan armaan olii agarsiisutti barsiisonni barumsa dabalataa yookaan barumsa tiitooritaalii barattoota Afaan Oromoona afaan lammaffaa isaanii ta'eef kennuun akka hinbarsiifne hubachuun danda'ameera. Kun immoo rakkolee fedhii barattoota Afaan Oromo akka afaan lammafatti barachuuf qaban irratti dhiibbaa geessiisuu danda'an keessaa isa tokko ta'uu agarsiisa.

Gabatee 6 gaaffii 16<sup>ffaa</sup> teessoon barattootaafi baay'nnii barattoota daree keessaa walsimataadha? Jedhu yoo deebii itti kennan, barattooni 53(%33) B/baay'ee mijataadha, barattooni 38(%23) baay'ee mijataadha, barattooni 38(%23) gaariidha jechuun yoo deebisan, barattooni muraasa ta'an garuu 25(%15) homaa hinjedhu, kaan immoo 9 (%6) mijataa akka hintaane ibsan. Akka deebii barattoota hedduu gabatee oliirraa hubannuti teessoon barattootaafi baay'inni barattoota daree akka walsimatuufi rakkoon teessoo barattoota kan hinjirre ta'uu nama hubbachiiisa. Kanaaf barattooni akka taa'umsa isaanitti gareen walgargaaranii wal irraa barachuuf kan hinrakkanne ta'uu mul'isa.

Daawwannaan daree keessa hubachuun akkuma danda'ameettis bargaaffii barattoota wajjiin walfakkaata. Barattooni manneen barnootaa arfanii sababa dhukkuba kooronaan kan ka'e baay'inni barattoota kutaa keessa argamanii barachaa jiranii 25-30 kan hincaalle waan ta'eef

rakkoon teessoo hinjiru. Akkasumas bal'inni dareefi baay'inni teessoon jiru irraa hafaa ta'u mirkanneefachuun danda'ameera.

Gabatee 6 gaaffii 17 walitti dhufeenyaa barataafi barsiisaa gidduu jiru maal fakkaata kan jedhu adda baafachuuf bargaaffiin dhiyaatee ture. Barattoonni, 33(%22) b/baay'ee gaarii, barattoonni 43(%27) baay'ee gaarii jechuun barattoonni muraasa ta'an barsiisotaa waliin walitti dhufeenyaa gaarii qabaachuu isaanii yoo ibsan, barattoonni caalaan isaanii immoo 49(%30) gaariidha jedhan. Barattoonni 24(%15) homaa hinjedhu, barattoonni 14(%6) gaarii miti jedhanii deebii kennani. Akka Ragaa kana irraa argamutti barattoonni 49(%30) barsiisota waliin walitti dhufeenyaa gaarii qabaachuu gidduugaleessa ta'u agarsiisa.

Kanaafuu walitti dhufeenyi barattootaafi barsiisaa gidduu jiru fedhii barattootaa kutaa 5-8tti afaan lammaffaa isaanii barachuuf qaban akka miidhuu hindandeenye hubachuun danda'ameera.

Yaaduma bargaaffii barattoota kanaa hubachuuf afgaaffii barsiisotaa jaha waliin taasifamee yaada qaban akka ibsanitti, walitti dhufeenyi gaariin jira jedhan. Yoo walitti dhufeenyi hinjiraane, barumsicha haala yaadameen galmaan gahuu hindanda'amu. Kana malees, hariroon barataafi barsiisaa gidduu jiru waldhageeffachuun wal irraabarachuu, rakkoo jiruuf furmaata barbaaduu danda'ufi wal hubachuun danda'uu murteessaa ta'u ibsan. Akkasumas barsiiftuun mana barumsaa Jimmaa sad 1ffaa barsiistu tokko yoo ibsitu, barattoonni tokko rakkoo naamuusa niqabaatu .Haata'u malee barattoota kana ofitti qabuun gorsinne deebisuun rakkoo qabanis yoohubanee isaan gargarre caalatti walhubachaa deemuun walitti dhufeenyaa gaarii barattoota keenya wajjiin qabaachuu nidanda'ama jettee ibsite.Kaanaafuu akka yaada barsiisota kanatti Bartaafi barsiisaa gidduu walitti dhufeenyi jiru gaarii ta'u deebiin kan barsiisota jahan kan walfakkaatu ta'u ibsan.

Yaaduma armaanolii kana adda baafachuuf daawwana daree gaggeeffameen oddeeffannoон argame haaluma bar gaaffii barattootaatiin walfakaatuun, walitti dhufeenyi barataafi barsiisaa gidduu galeessa ta'u agarsiisa. Kanaaf barattoota kutaa 5-8tti jiran afaan lammaffaa barachuu irratti fedhii barattoota miidhu akka hinjirre hubachuun ni danda'ama.

Gabatee 6<sup>ffaa</sup> gaafii 18<sup>ffaa</sup>. Gaaffii To'annaafi hordoffii barsiisaa tokko malee offitti amanammummaan Afaan Oromoo barachuun dandeettii kee gabbiffachuuf ammam yaaltaa? Gaaffiin jedhu dhiyaateefi ture. Barattoonni 39(24%) yeroo hunda, barattoonni 40(25%) yeroo baay'ee, barattoonni 39(%25) yeroo muraasa akka to'annaafi hordoffii barsiisaa malee ofiitti

amanamummaan dandeetti isaani akka gabbiffatan deebisan. Barattooni 28(%28) hin fedhu, barattooni 17(%10) gonkuma jechuun akka Afaan Oromoo barachuuf akka hin yaalle deebii kennan. akka ragaan barattoota kanaa agarsiisutti barattooni harki caalaan %25 ta'ani garuu yeroo baay'ee to'annaafi hordofii barsiisaa malee ofitti amanamummaan dandeetti Afaan Oromoo gabbiffachuuf akka yaalan agarsiisa.

Bargaaffii barattoota Kanuma mirkanneeffachuuf qorattuun habuurra daree keessa gaggeesiteen immoo deebii barattoota muraasa wajjiin kan walfaaleesudha. Sababni isaas barattooni harki caalaan isaanii si'aayinaan barumsa Afaan Oromoo barataniifi yeroo gaaffii gaafatamani itti hubachuuf danda'anis ta'e waan ifa isaaniif hintaane gaaffii gaafatamanii irratti hirmaannaa yeroo taasiisan hinargaman. Kun immoo barattooni dhiibbaafi to'annaa barsiisaa malee fedhii isaaniin Afaan Oromoo barachuuf akka yaalii hingoone haburraan daree taasifameen mirkaneessuun danda'ameera. Kun immoo fedhii barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barachuuf qaban irratti dhiibba geesisuu danda'an keessa isa tokko ta'uu agarsiisa.

#### **4.3 Qaacceessa Ragaa gaaffiilee banaa ta'an irraa aggape**

Mata duree kana jalatti barattoota kutaa 5-8 Afaan Oromoo akka afaan lammaffa baratan gama rakkoo qaban ilaalchisee gaaffiin banaa dhiyaateefii ture. Gaaffiin kunis, Afaan Oromoo akka afaan lammaffatti barachurratti kanneen gufuu ta'uu danda'a jettee yaadu maalfadha? meeibsi. Jedhamanii gaafatamanii ture. Akkuma ragaan bargaaffii barattoota 163 fi afgaaffii barsiisota irraa argameen kan manneen barnoota afurii barnoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffatti barachuuf kanneen gufuu (danqa) ta'andha jedhanii kan kaasan ragaaleen odeeffannoo kennitootarra argame kan walfakkaatudha. Innis barnoota Afaan oromoo kutaa 5 jalqabuu, wayitiin Afaan oromoof ramadamee xiqlaachuu, faayidaafi bu'aa afaannichi qabu walaaluu, barumsi kennamu caalatti Afaan Amaaraan ta'uu, Afaan oromoo kan saba tokkoo qofa jedhanii fudhachuu, afaanicha wallaaluun fedhii barnoota affannichaaf dhabuu, manni dubbisaa dhibuufi k.k.f yaada walfakkaatuun ibsan. Akkasumas, yaada dabalataa kan kennan hawwaasni naannoofi maatiin nuti keessa jiraannu hanqina hubannoo afaannichatti fayyadamuu dhabuufi mootummaan barattoota Afaan Oromoof afaan lammaffaa isaanii ta'e barataniif xiyyeffannoo itti kennuu dhabuun barattoota kutaa 5-8tti barataniif rakkoo ciccimaa ta'ee akka argame hubachuun danda'ameera.

#### **4.4 Qaaccessa Ragaa Sakatta'a Barruu Barattootaa**

Qorattuun daawwannaan daree yemmuu gaggeestu dabalataaniis dabtara barattootaas walduukaa irraa fuudhuun ilaalte. Barruuleen barattootaa kun kan ilaalamu barattoonni barnoota afaan lammaffaa isaanii kana yeroo baratanitti ammam fedhiin barsiisaa hordfanii barachuu isaanii, akaataa qabannaa dabtara isaanii ilaachisee barattoota gara caalaan isaanii gaarii ta'aniis kanneen muraasa ta'an biratti barreffamni isaanii kan hindubbiffamnefi seera hinqabne, dogoggora qubee, jecha laafaafi jabbaa, akkasumas gabaabaafi dheera ta'an adda baasuu dhiisuu, jechoota walitti fufanii barreessu, dabtara isaanii giddutti dhiisanii darbuu, gaaffii barreessanii deebii kennuu dhiisuun osoo hin soroorsifatiin darbuufi kan kana fakkaatan itti mul'ata. Akkataa kanaan barattoonni fedhiin hordofuun shaakala kennamuufii hojjetanii seeraan dabtara isaanii soroorsifatan manneen barnootaa biraa irraa mani barumsaa Giinjoo kutaa <sup>6<sup>ffaa</sup></sup> foyyaa'a akka ta'e hubachuun danda'ameera.

Walumaagalatti ragaan sakatta'a barruu barattoota irraa argame kanneen ragaa afgaaffii barsiisotaa wajjiin irra caalaan isaa walfakkaata. Kana irraa wanti hubatamu danda'u fedhii barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaa baratanii kanneen manneen barnoota sadan barattoota fedhiin hirmaachisuirratti garaagarummaafi hanqina qabaachuu isaati.

### **BOQONNAA SHAN: CUUNFAA GOOLABAIFI YAADA FURMAATAA**

Boqonnaa kana keessatti yaada waliigalaa qorannoo kana hammatee jalqaba irraa dhiyaate. Itti aansuudhaan yaada ijoo qorannoo kana goolaabuun kaa'ameera. Dhuma irratti yaada furmaataa ta'uun danda'a kan jedhame duraa duubaan ibsamuu danda'ameera. Qorannoон kunis, Fedhii Barnoota Afaan Oromoo Barattoota Magaalaa Jimmaa Barattoota Afaan Oromoo afaan lammaffaa isaanii ta; e bira gahuuf malleen ragaan sassaabame bargaaffii, afgaaffii, daawwannaan dareefi sakatta'a barruu barattootaa sakatta'uun gageeffameera.

#### **5.1 Cuunfaa**

Barumsi kennamu qulqullina akka qabaatu gochuuf dursa fedhii barattoota keessatti uumuun barmsicha bu'aa qabeessa taasiisuudha. Qorannoон kunis fedhii barattoonni Afaan Oromoo

barachuuf qaban ilaachisee haala manneen barumsaa mootummaa magaala jimmaa kutaa 5-8 keessatti mul'aatu sakatta'uu irratti xiyyeeffate. Ka'umsi qorannichaa hanqina qorattuun kutaa barsiisaa turte irraa hubatte, Odeeffannoos barsiisota manneen barnoota biraan irraa kutaa 5-8 tti barsiisan haala barattooni Afaan Oromoo itti barachaa turan irratti kaasan; akkasumas, qorannoos mata duree kana irratti gaggeeffame waan hinjirreef yookaan waan qorattuun hinqunamneefi rakkoo kana adda baafachuun yaada furmaataa kaa'uu ta'a. Gaaffiilee bu'uuraa qorannoos kanaa fedhii barattooni Afaan Oromoo akka afaan lammaaffatti barachuuf qaban, wantoota fedhii barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaaffatti barachuuf qaban irratti dhiibbaa geesisan, barsissooni barattoota isaanii keessatti fedhii uumuuf carraaqii godhanfi rakkolee fedhii barattootaa Afaan Oromoo akka afaan lammaaffatti baratachuuf qaban irratti dhiibbaa geesisuu danda'an furuuf maalfaatu taasifamuu qaba? Kanneen jedhan kaayyoo qorannichaa fedhii barattooni kutaa 5-8tti Afaan oromoo barachuuf qaban sakatta'uun rakkoo adda baheef yaada furmaataa kaa'uudha. Bu'aan isaa barsiisoota Afaan Oromoo, bulchiinsa hojeeettoota mana barumsaa, oggeeyyi sirna barnootaafi namoota garafuuladuraatti mataduree kannaan walfakkaatan irratti qorrannoos gaggeessuuf barbaachisaa akka ta'e qorrannicha keessatti kaahameera.

Qorattuun mala makaa fayyadamuun odeeffannoos barattootaa, barsiisotaa, habuurraa dareefi sakatta'a baruu barattoota walitti qabame walbira qabdee qaacceessuun ibsa itti kennite. Meeshaalee funaansa odeeffannoos hojiirra oolan bargaaffii, afgaaffii haburraafi sakkata'a baruu barattootaa yootaan, bargaaffii cufaa 18fi banaa 2 walitti gaaffii 20 fayyadamuun barattoot mala carraa iddattoota filataman 163(%30) irraa odeeffannoos funaaname. Afgaaffiidhaan gaaffiilee 12 fayyadamuudhaan barsiisota Afaan Oromoo 3 waliin afgaaffii taasisuun odeeffannoos walitti qabame. Dabalataan; haburraa daree qabxii miirkanneeffannaa 20fi sakatta'a baruu barattootaa fayyadamuun gaggeeffame. Odeeffannoos walitti qabame qaacceffameera. Bu'aa qaacceffama odeeffannoos kanaa bu'uura godhachuun qabxii irra gahame akk itti aanutti ibsameera.

## 5.2 Goolaba

Akkuma beekamu qorannoos kun Fedhii Barnoota Afaan Oromoo Barattoota magaala Jimmaa Afaan oromoon afaan lammaffa isaanii ta'e barattoota manneen barnootaa jimmaa *sadarkaa 1<sup>ffa</sup>Ginjoo*, Mandaraa, fi Hibrat Afaan Oromoo Akka afaan lammaffatti baratan fedhii qaban

sakatta'uun ibsameera. Qorannoон kun akka ibsutti Fedhii Afaan Oromoo akka afaan lammaffatti kanneen baratan fedhiin isaanii hammam akka ta'e bargaaffii barattootaa, afgaaaffii barsiisotaa, daawwannaа dareefi sakatta'a baruu barattootaa irraa hubatameera.

Fedhii barattooni manneen barnoota Jimmaa Sad 1<sup>ffaa</sup>, Giinjoo, Mandaraafi Hibrat kutaa 5-8 barumsa Afaan Oromoo barachuurratti qaban giddugaleessadha. Kunis yeroo barumsa kabajanii dareetti argamuу irratti gaariidha. Fedhii isaan barumsa kanaaf qaban, gaaffii gaafatamani deebisuu irratti giddugaleessadha, garuu, waan isaaniif hingallee gaafatanii hubachuurratti jiru sababa afaanicha hinbeeknneef gadaanaadha, hirmaannaan marii gareefi walgargaaranii hojjechuurratti kan dhuunfaan hojjetan caalaa gaariifi foyya'aadha. Meeshaalee barnootaa hunda guuttatanii dareetti argamuurratti fedhiin jiru olaanaadha.

Akkasumas barnoota Afaan Oromoo kutaa 5 jalqabaniи waan barataniif afaannicha akka siritti hinbeekne waan godheef, barattooni barumsi Afaan Oromoo akka gosa barumsa hinfayyadnetti fudhachuu, yeroo barataniis Afaan Oromootiin dubbachuuf rakkachuu, itti qaana'uu, yeroo gaaffii gaafatamaniis hin beeku jechuun deebisuu, shaakala gahaa ta'e kitaaba Afaan Oromoo keessa kan dandeettiwwan afaanii arfan walqixa barattoota kan hirmaachisu dhibuu, barsiisaan kan barattooni hojjetaniif duub deebii kennuun isaan jajjabeessuu dhiisufi sababoota kana fakkaatan wanttoota fedhii barattootaa kutaa 5-8 tti Afaan Oromoo barachuuf qaban miidhuu danda'an kanneen akka isaan barumsicha irratti hinhirmaanne isaan godheera.

Dabalataan barsiisonni barattoota isaanii keessatti fedhii afaan lammaffaa itti horuuf carraaqiin godhan gadi aanaadha. Sababni isaas halli kennaa barumsaa kan barsiisa giddugaleeffatefi kan haala hawwataa hintaaneen kennamuу, meeshaalee deegarsa barnootatti kan hinfayyadamne ta'uu, baratoonis kan ifa isaaniif hin taane gaafatanii hubachuu kan hindandeenye ta'uu, barattooni yeroo hojiin manaafi dareen kennamu waan yaalani irratti duubdeebii kennuun kan isaan hinjajjabeessine ta'uu, barattooni hundi karaa carraa walqixa ta'een sodaa tokko malee shaakala garaagaraa irratti hirmaatanii walirraa akka baratani kan hintaasiisnefi barsiisonni barattoota isaaniif barumsa dabalataa (tiitooryaalii) kan hinkenniine ta'uu irraa kan ka'e barsiisonni fedhii itti uumuuf tattaaffiin godhan gadaanaa ta'uu agarsiisa.

### 5.3 Argannoo

Akka odeeffannoон argame mul'isutti Sakatta'a fedhii barnootaa Afaan oromoo Magaala Jimmaa Barattoota Afaan Oromoo Afaan Lammaffaa isaanii ta'e akka armaan gadiiti.

- ✓ Barattooni Afaan Oromoo akka afaan lammafatti barachuuf fedhii hamammii qabu? Kan jedhuuf yeroo barumsaa kabajanii dareetti argamuu irratti olaanaadha, Afaan Oromoo fedh barachuu irratti giddu-galeessadha, gaaffii gaafatanii hubachuufi deebisuu irratti tattaaffiin jiru giddu-galeessadha, hojii manaafi daree hojjetanii agarsiifachuu irratti jiru gadi-aanaadha, meeshaalee barnootaaf ta'u guutatanii argamuu irratti olaanaa ta'uu, Afaan Oromoo akka isaan hinfayyadnetti fudhachuufi barumsichi kan isaan kakkaasu dhibuun baay'inaan ni argamu.
- ✓ Waantoota Fedhii barattootaa Afaan Oromoo akka afaan lammafatti barachuuf qaban irratti dhiibbaa geesisuu danda'an yeroo gaaffii gaafatamani sodaachuu/ qaana'uu irraa kan ka'e Afaan Oromootiin dubbachuu ofitti amanamummaa dhabuu, ofdanda'anii hojechuu dhiisuufi naamuusa daree keessa eegsisuu dhiisuunfi wayitiin Afaan Oromoof torbanitti ramadame jiru xiqqaachuun barnoota afaan lammaffaa barataniif dhiibbaa geesiisuu danda'andha.
- ✓ Tattaaffiin barsiisotaa barattoota keessatti fedhii Afaan Oromoo itti horuuf taasiisan irraa argame haalli dhiyeessa barnootaa kan barataa gidduu galeessa hingodhanne ta'uu, barattooni barnoota walgargaaranii akka walirraa barataniif carraa kennuu dhiisu, hirmaannaan barattootaa laafaa ta'uu, barsiisoonni meeshaa deegarsaa barnootatti fayyadamanii barsiisuu dhiisu, barattooni hojii manaafi daree hojjetan duub deebii kennuu dhiisuufi dogoggora barataan qabu qajeelchuu dhiisuunfi barumsichaaf kakkaasuu dhiisuun fedhii afaan lammaffaa barachuu barattoota irratti carraaqiin barsiisonni taasiisan laafaa ta'ee agarsiisa.
- ✓ Rakkoolee fedhii barattootaa Barnoota Afaan Oromoo akka afaan lammafatti barachuuf qaban irratti dhiibbaa geesisuu danda'an furuuf waantoota taasifamuu qaban barumsa dabalataa yookaan titooriyaalii kennuu, baay'inna barataafi teessoo akka walsimatu gochu,walitti dhufeenya barataafi barsiisaa gidduu jiru cimsuu, barattooni to'annaafi hordoffii barsiisaa tokko malee ofitti amanamummaa akka hojjetan gochuun rakkolee jiran furuuf gargaaranidha.

## **5.4 Yaada Furmaataa**

Argannoo qorannichaa irratti bu'uureeffachuun gaaffii ka'umsa qorannoo kanaaf furmaata ta'u akka armaan gaditti kaa'ameera.

- ❖ Barsiisonni Afaan Oromoo akka afaan lammafatti barattoota barataniif fedhiin hirmaachisuun; kitaaba Afaan Oromoo qabatanii, yeroo barumsaa si'aayinaan akka hordofan, gaaffii gafatamaniif akka deebisan, kan ifa isaaniif hintaane gaafatanii akka hubatanii, marii garee irratti hirmaachisuun akka walirraa baratanfi shaakala garaagaraa

irratti hirmaannaa ho'aa akka taasiisanii gochuun fedhii barumsaa afaan lammaffaa barachuu qaban olguddisuun gaarii ta'a.

- ❖ Akkasumas barsiislonni barumsa kennan karaa qajeelfamafi kaayyoo barumsichi ifa ta'ee wajjiin kennuun hubannoo barattootaa barumsa afaanichaaf qaban cimsuun fedhii barattootaa dabaluun kutaa keessatti haala kennaa barumsaa hirmaachisuunfi hawwataa gochuun barbaachisaadha. kana malee barattoonni ofdanda'anii akka hojjetaniifi sodaa tokko malee akka hirmaatan gochuun ofitti amanamuummaa akka horatan taasisuun barattootaa afaan lammaffaa kutaa 5-8 barataniif fedhii qaban olguddisuun murteessaadha.
- ❖ Karaa bira bulchiinsi mana barumsaa malli baruu barsiisuu karaa foyya'aa ta'efi barattoota hirmaachisaa ta'een gaggeefamuun barsiislonni manneen barnoota ollaa jiraniin muuxannoo walirraa osoo fudhatan. Akkasumas manni kitaaba barattootaaf osoo jiraatee akka itti fayyadaman godhame gaariidha.
- ❖ Barumsi Afaan Oromoo akkuma gosa barnoota bira oolmaa daa'immaniifi kutaa 1(tokkoo) irraa jalqabee osoo kenname.
- ❖ Wayitiin Afaan Oromoof ramadame torbanitti guyyaa 1fi 2 kan ta'ee jiru akkuma gosoota barnoota bira guyyaa hundaa osoo ta'e gaariidha.
- ❖ Barattoota kutaa 5-8 Afaan lammaffaa barataniif yemmuu hojii manaafi daree kennuun ergaa yaalaniin booda duubdeebiin osoo kenname.
- ❖ Barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffatti baratan kanaaf osoo barumsi dabalataa kennamuun, tooftaa adda addaa ta'e gargaaramuun afaannicha itti hubbachisuun danda'ame.
- ❖ Ministeerri barnootaa barattoota manneen barnoota mootummaa Afaan Oromoona afaan lammaffaa isaanii ta'e kutaa 8<sup>ffaa</sup> qormaata ministirii warra Afaan Oromoona afaan tokkoffaa isaanii ta'e waliin waan qormaata walfakkaataa ta'e fudhataniif otoo gara fuula duratti xiyyeffannoontti kenname gaarii ta'a.

## **WABII**

Abidiisaa Bantii (2014), Kaka'umsa Barattoonni Kutaa 11<sup>ffaa</sup>fi 12<sup>ffaa</sup> Afaan Oromoo Barachuu

Qaban: Digirii Lammaffaa Yuunivarsiitii Addis Ababaa.

Abiye Daniel (1998), African literacy texts and language-based approaches in ELT.

Aggarwal J.c (1995), Essentials of Educational Psychology, New Dlhi: Modern printers.

Brown, H.D. (1994), Principles of language Learning and Teaching,3<sup>rd</sup> ed, NewYork Englewood. cliffs, N.J..prentice Hall.

Cres well j. vv (2007) Qualitative inquiries and research design: choosing among five approaches sage publication London.

Chaudron. C. (1998) second language classrooms: Research on teaching and learning university of Hawaii at monoa.

Dawson (2005), practical research methods: UK: oxford.

Deubel (2010), Barriers to language learning and Acquisition.

Erdgon, v. (2005) contribution of Error analysis to foreign language teaching, Mersin University Journal of the faculty of education.

Erick Sil Vino Aravenarviz (2005), Second Language Acquisition Theories, Santiago de chile.

Gardnar. G, (1948) second language acquisition, Oxford university press

Getachew Anteneh and Dirib Ado(2006), Language Policy In Ethiopia: History and Current Trends. Ethiopia J. EDU.

Gon, C, C, M, and Burns, A, (2012) Teaching speaking: Aholistic approach. NewwYork: Cambridge University Press.

Harmer.J (2001), the practice of English language teaching (3<sup>rd</sup> ed) pearson education ltd.

Masarat Zawudee (2016), Hanqina Dandeettii Barreessuu Afaan Oromoo Irratti BarattoonniAkka Afaan Lammaffatti Baratan Qaban: Yuunivarsiitii Jimmaa Kanhinmaxfamine.

Muhammad Tariq Kahan(2014), Education in Mother tongue Achildren's Right: International Journal of Humanitiesand Management Sciences Volume 2, Issue 4.

Naiman (1994), language for academic purposes, Cambridge, UK, Cambridge university press.

Nicholas H. (1986), the acquisition of language as the acquisition of variation. working Papers in language development.

Qonjat Angaasuu, (2012), Rakkina hirmaanaa Barattoota Afaan Oromoo Akka Afaan Lammaffatti Baratani Mana Barumsa Boolee Sadarkaa 1<sup>ffaa</sup> Bishooftuu, Waraaqa qorrannoo DigiriiLammaffaa Yuunvarsitii Addis Ababaa.

Spolsky, B. (1989). Conditionsfor Second Language Learning.Oxford: Oxford University press.

Tigist Geetaachoo (2018), Afaan Dhalootaatiin Barachuun Dhabuun Dhiibbaa Daa'imman irratti Qabu kanneen Afaan Oromoona Afaan Hiikatan: Digirii Lammaffaa Yuunivarsiitii Jimmaa Kan hinmaxfamne.

Wenden. A. (1986), what do second language learners know about their language learning? Applied linguistics.

Wright. T. (1987), Roles Teachers and learners, Oxford: Oxford University press.

<https://blongs.ntu.edu.sg>, chapter 13. Problems of second language acquisition blogs.

<https://file.Scirp.org> obstacles in learning second language, mar 20, 2014.

Zoltan. D (2007) Research methods in Applied Linguistics Quantitative and Qualitative mixed methodologies. Oxford University

## **MulistuuA: AfgaaffiiBarsiisotaa Deebi'u**

Afgaaffiin kun barsiisotaa Afaan Oromoo barsiisaniin kan guutamu dha.

Kaayyoon odeeffannoo qorannoo kanaaf ragaan barsiisaa irraa argamu murteessaadha.

Manabarumsaa\_\_\_\_\_ Tajaajila\_\_\_\_\_ Umurii\_\_\_\_\_ Sadarkaa  
barnootaa\_\_\_\_\_ Barnoota ittiin eebfamtan\_\_\_\_\_

1. Barattooni keessan yeroo barumsaa kabajanii dareetti argamuu irratti maalfakkaatu?
2. Barattooni barnoota Afaan Oromoo kennamu haala gaariin sin hordofuu?
3. Barattooni gaaffii gaaffachuufi deebii deebisuu irratti maalfakkaatu?
4. Yeroo hojii manaafi daree kennamuufi hojjetanii nisoroorsiifatu?
5. Gareen hojjechuufi waliin mari'achuu irratt hirmaannaa qaban akkamiin ibsitu
6. Daree keessatti naamusni barataa maalfakkaataa? Yoo naamusni barataa hineegamne rakkoo  
Akkamii fida?
7. Walitti dhufeenyi barataafi barsiisaa yoo gaarii hintaane adeemsa baruu barsiisuu keessatti  
Rakkoo akkamii qaba?
8. Kitaabni (meeshaaleen barnootaa) Afaan Oromoo hawwataafi mijataadha? miti yoota'e  
Fedhii barattootaa irratti rakkoo akkamii fiduu danda'aa?
9. Hirmaannaa barattooni daree keessatti dandeettii afaan isaanii akka cimsattaniif akka waliin  
dubbatan, dubbisaniif barreessan gochuun haala barataa gidduugaleessa godhateen ammam  
barsiiftuu?
10. Wayitiin Afaan Oromoof ramadamee jiru barattoota afaan lammaffaa isaanii ta'e barsiisuuf  
ammam gahaadha? Maaliif?
11. Akka naannoo Oromiyaatti barattoota Afaan Oromoo afaan lammaffaa isaanii ta'eef kutaa  
<sup>5ffaa</sup> jalqabee kenamuun isaa gahaat a'a?
12. Adeemsa baruu barsiisuu Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barataniif akka mana  
Barumsaa kanatti yoo maal ta'e gaarii ta'a kan jetani akka waliigalatti ibsaa. \_\_\_\_\_

## **Mulistuu B Bargaaffi Barattootaaf dhiyaate**

Kabajjamtoota barattoota gaaffilee kana deebisuuf hirmaatani hundi duraan dursee hirmaannaa keessaniif baayyeen siin galateeffadha.

Kaayyoon Bargaafii kanaa fedhii barattootni mana barumsaa kanaa Afaan Oromoo akka afaan lammaffatti barachaa jiran sakatt'uuf barattoota kutaa 5-8tti qofaa iratti xiyyeefatee kan qophaa'edha. Yaada iddattoota kutaa kanneen keessaa filataman kana irraa ragaa sassaabamu irratti hundaa'uun rakkolee mul'achuu danda'aniif furmaata qorannoodhaan deegarame kenuuf kan gargaarudha. Kanaaf fiixaan bahiinsi qorannoo kanaaf yaada dhugaa ta'eef isin gumaachitan murteessadha.

Gargaarsa barbaachisaa isiin gootan hundaaf galatooma.

Maqaa barreessuun hindanda'mu

1, Maqaa mana barumsaa\_\_\_\_\_ Kutaa\_\_\_\_\_ Daree\_\_\_\_\_

2, Saala\_\_\_\_\_ 3, Afaan dhalootaa kee\_\_\_\_\_

Qajeelfama: Gaaffilee armaan gadii ergaa siritti dubbistee hubattee booda deebii kee haala qulquullinafi ifa ta'een deebisi.

Yaada dabalataa yoo qabaattan immo dugda bargaaffichaarratti lakkofsa waliin ibsi.

### **A Fedhii Barnoota A/ Oromoo Kutaa 5-8 Akka Afaan Lammaffaatti Barachaa jiran**

#### **Irratt**

1, Wayitii barnoota afaan Oromoo kabajuun daree keessatti niargamta? A, yeroo hund\_\_\_\_\_

B, yeroo baay'ee\_\_\_\_ C, yeroo tokko tokkoo\_\_\_\_ D, yeroo muraasa\_\_\_\_ E, hinargamu\_\_\_\_

2, Barnoota Afaan Oromoo barachuu jaallattaa? A, baay'ee jaaladha\_\_\_\_ B, nan jaalladha--  
C, darbee darbee \_\_\_\_ D, badaamiti, \_\_\_\_ D, nanjaalladha\_\_\_\_

3, Yeroo barnoota Afaan Oromoo gaaffii gaafachuus ta'e deebsuuf ammam tattaafatta? A,  
yeroo hunda\_\_\_\_ B, yeroo baay'ee\_\_\_\_ C, darbee darbee\_\_\_\_ D, hinfedhu\_\_\_\_  
E, gonkuma\_\_\_\_ tattaaffii hingodhu\_\_\_\_\_

4, Hojii manaafi daree siif kenname hojjettee barsiisatti niagarsifattaa? A, yeroo hunda\_\_\_\_  
B, yeroo baay'ee\_\_\_\_ C, darbee darbee\_\_\_\_ D, hojjechuuf hinfedhu\_\_\_\_ E, badaa miti \_\_\_\_

5, Gochawwan marii gareefi waliin dubbii barattootaa waliin nihirmaattaa? A, yeroo  
hunda\_\_\_\_ B, yeroo baay'ee\_\_\_\_ C, darbee darbee\_\_\_\_ D, hamma tokko \_\_\_\_ E, gonkuma\_\_\_\_  
6. Meeshaa barnoota sibarbaachisu hundaa guutachuun dareetti argamta? A, yeroo  
hunda\_\_\_\_ B, yeroo baay'ee\_\_\_\_ C, altokko tokko\_\_\_\_ D, yeroo muraasa\_\_\_\_

E, gonkuma hinargamu \_\_\_\_\_

**B Waantoota Fedhii Barattootaa Afaan Oromoo Akka Afaan Lammaffaatti**

**Barachuuf Qaban Irratti Dhiibbaa Geesisuu Danda'an Irratti.**

7, Yeroo barsiisaan/tuun gaaffii sigaafatu/-ttu dubbachuu sodaattaa? A, yeroo hunda\_\_\_\_

B, yeroo baay'ee\_\_\_\_\_ C, altokko tokko\_\_\_\_\_ D, nansodaadha\_\_\_\_\_ E,  
hinsodaadhu\_\_\_\_\_

8, Ati dandeettiwwan afaanii gudifachuuf daree barnootaa keessattiifi alatti  
dubbachuu, dubbisuufi barreessuu ni tattaafatta? A, yeroo hunda\_\_\_\_\_ B, yeroo  
baay'ee\_\_\_\_\_ C, darbee darbee\_\_\_\_\_ D, nantattaafadha\_\_\_\_\_ E, hin tattaafadh\_\_\_\_\_

9, Yeroo barsiisaan barsiisu/-tu naamuusa daree hammam kabajja? A, yeroo hunda\_\_\_\_\_  
B, yeroo baay'ee\_\_\_\_\_ C, darbee darbee\_\_\_\_\_ D, nankabajja\_\_\_\_\_ E. hinkabajju\_\_\_\_\_

**C Barsiissooni Barattota isaanii keessatti Fedhii Afaan Lammaffaa Itti Uumuuf**

**Tattaaffii Taasisan**

10, Haalli dhiyyeessa barumsaa hammam sigammachiisa? A, yeroo hunda  
nagammachiisa\_\_\_\_\_ B, yeroo baay'ee nagammachiisa\_\_\_\_\_ C, altokko tokko  
qofa\_\_\_\_\_ D, nagammachiisa\_\_\_\_\_ E, nahingammachiisu\_\_\_\_\_

11, Barsiisaan/-tuun barattoonni gareen walgargaaranii akka walirraa baratan hammam carraa  
Isiniif kennitti/-nna? A, yeroo hunda\_\_\_\_\_ B, yeroo baay'ee\_\_\_\_\_ C, altokko  
tokkoo\_\_\_\_\_ D, badaa miti\_\_\_\_\_ E, gonkuma carraa hinkennu/-tu\_\_\_\_\_

12. Yeroo wayitii barnoota Afaan Oromoo barattan waan ifa isaaniif hintaane gaafachuufi kan  
gaafatamtani immoo deebisuuf hammam yaalta? A, yeroo hunda\_\_\_\_\_ B, yeroo  
baay'ee\_\_\_\_\_ C, darbee darbee\_\_\_\_\_ D, yeroo muraasa\_\_\_\_\_ E, gonkuma hinyaalu\_\_\_\_\_

13, Barsiisaan meeshaalee deegarsa barnootaa dabalataa fayyadamuun hammam barumsa siniif  
kenna/-tti? A, yeroo hunda\_\_\_\_\_ B, yeroo baay'ee\_\_\_\_\_ C, altokko tokko\_\_\_\_\_  
D, guyyaa muraasa qofa\_\_\_\_\_ E, gonkuma hinfayyadaman\_\_\_\_\_

14, Barsiisaan/tuun hojii garee siniif kennuu sodaa tokko malee waliin mariin akka  
Walgargaartanii walirraa baratan carraa isiniif kennuu? A, yeroo hunda\_\_\_\_ B, yeroo  
baay'ee\_\_\_\_ C, takka takkaa qofa\_\_\_\_ D, yeroo muraasa\_\_\_\_ E, gonkuma\_\_\_\_

**D Rakkolee Fedhii Barattoonni Afaan Oromoo Akka Afaan Lammaffatti Barachuuf**

**Qaban Irratti Dhiibbaa Geesisuu Danda'an Furuu Ilaalchisee**

15, Barsiisaan Keessan barumsa titooraalii (dabalataa) Isiniif kennuu? A, yeroo hunda\_\_\_\_ B,

- B, yeroo baay'ee \_\_\_\_ C, darbee darbee\_\_ D, guyyaa muraasa\_\_\_\_E, gonkuma\_\_\_\_\_
- 16, Haalli teessoo barattootaafi baay'ina baratootaa daree keessatti walsimachuun barattoonni akka waliin hojjetan hammam mijataadha? A, b/baay'ee mijataadha. \_\_\_\_\_ B, baay'ee mijataadha\_\_\_\_\_C, gidu-galeessadha \_\_\_\_ D, gaariidha\_\_\_\_ E, mijataa miti \_\_\_\_\_
- 17 Walitti dhufeeny barataafi barsiisaa gidduu jiru hammam gaariidha? A, b/baayee gaariidha. \_\_\_\_\_B, baay'ee gaariidha. \_\_\_C, giddu-galeessadha. \_\_\_D, gaariidha. \_\_\_ E, gaarii miti\_\_\_\_\_
- 18, To'annaafi hordoffii barsiisaa malee offitti amanammumaan Afaan Oromoo barachuun Dandeettii kee guddiffachuuf ammaam yaalata? A, yeroo hunda\_\_\_\_\_B, yeroo Baay'ee\_\_\_\_ C, darbee darbee\_\_\_\_ D, guyyaa muraasa\_\_\_\_ E hommaa hinyaalu \_\_\_\_\_
- 19, Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barachuu keessatti gufuu ta'uu kan danda'a jettee Yaaddaa meeibsi.\_\_\_\_\_
- 20, Rakkoo jetteef (ibsitteef) furmaanni isaa maal ta'uu qaba?\_\_\_\_\_
-

## Mulistuu C: Unka Mirkanneeffannaa daawwanaa daree

Guyyaa daawwanaa \_\_\_\_\_ Mana barumsaa \_\_\_\_\_

Daree daawwatame \_\_\_\_\_ Marsaa daawwatame \_\_\_\_\_

Yeroo itti daawwatame \_\_\_\_\_ Barsiisaa daawwate \_\_\_\_\_

### **Qabxii Daawwannaan Dareef Qophaa'**

Lakk	Qabxii miirkanneeffannaa daree barnootaa keessatti	Deebii	
A	Barachuuf Qaban Ilaalchisee	Eeyyee	Lakki
1	Barattooni yeroo barnoota isaanii eeganii dareetti argamu?		
2	Barattooni barumsi yeroo kennamutti fedhiin nihordofuu?		
3	Barattooni gaaffii dhiyaateef deebii kenu?		
4	Barattooni yeroo baratani waan ifa isaaniif hintaane nigafatu?		
5	Hojii dareefi manaa yeroo kennameefii keessatti hojjetanii agarsiifatu yookaan soroorsiifatu?		
6	Barattooni marii gareefi hirmaanna daree keessatti nihirmaatu?		
7	Meeshaalee barnootaafi ta'u guutattani dareetti argam?		
B	Fedhii Barattootaa Kutaa 5-8 Afaan Lammaffaa Barachuuf		

	Qaban Kanneen Midhan Ilaalchisee		
8	Barsiisaan yeroo barsiisu/-ttu naamuusa daree nikabachiifti?		
9	Haalli teesumni barataafi baay'ini barattoota daree keessaa walgita?		
10	Walitti Dhufeenyi barataafi barsiisaa gidduu jiru gaariidha?		
11	Haalli dhiyeesa barumsaa hawwataadha?		
C	Barsiisonni Barattoota Isaanii Keessatti Fedhii Barnoota Afaan Lammaffaa Isaanii Itti Horuuf Hammam Tattafatu?		
12	Barsiisaan/tu barattoota keessatti fedhiifi kaka'umsa uumuun akka walirraa barataniif walgargaaran gochuun carraa ni kennaa/tii?		
13	Barsiisaan duubdeebii barattootaaf kennuun jajjabeessa/tii?		
14	Barsiisaan m/deegarsaa barnootaa fayyadamuun barumsa kennaa/tii?		
15	Haalli barumsi itti kennamu kan barataa gidduugaleessa godhatedha?		
16	Barsiisaan yeroo barsiisuu barattooni nuffii tokko malee akka shaakala garaagaraa godhan nitaasisa?		

D	Barattonni Afaan Lammaffaa Barachuuf Kanneen Danqaa Ta'an		
17	Barataan gaaffii gaafatamu sodaa malee deebisa?		
18	Shaakala kennamuufii ofitti amanamuummaan nihojjetuu?		
19	Barattooni waan ifa isaaniif hintaane gaafatu?		
20	Barsiisaan dogoggoru barataaf duub-deebii kennuun niqajelcha?		

## Mulistuu D. Odeeffannaa Daawwannaa Daree Iraa Argame

L. T	Qabxii Miirkaneefannaa	Deebii	Marsaa DaawwanaaB1			Marsaa Dawwannaan B2			Marsaa Dawwannaan B3			Id
			1ffaa	2ffaa	3ffaa	1ffaa	2ffaa	3ffaa	1ffaa	2ffaa	3ffaa	
A	Fedhii Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 5-8 Akka Afaan Lammafatti Baratani Irratti											
1	Barattooni Sa'aati barumsaa eeganii daretti argamu?	Eeyyee	✓		✓	✓	✓	✓	✓	✓	✓	8
		Lakkii		✓								1
2	Barattooni yeroo barumsi kennamu fedhiin nihordofuu?	Eeyyee		✓	✓	✓	✓	✓	✓	✓		7
		Lakki	✓								✓	2
3	Barattoon gaaffii gaafatamani deebisu?	Eeyyee		✓	✓	✓	✓	✓			✓	6
		Lakki	✓						✓	✓		3
4	Barattooni yeroo baratanii waan ifa isaaniif hintaane gaafatu?	Eeyyee		✓			✓					2
		Lakkii	✓		✓	✓		✓	✓	✓	✓	7
5	Hojii daree yeroo kennameefii keessatti hojjetanii agarsiifatu?	Eeyyee		✓		✓	✓					3
		Lakki	✓		✓	✓		✓	✓	✓		6
6	Barattooni marii gareeffi hirmaannaa daree keessatti ni hirmaatu?	Eeyy	✓			✓		✓			✓	4
		Lakki		✓	✓		✓		✓	✓		5
7	Meeshaalee barnootaaf ta, u guutachuun dareetti argamu?	Eeyyee	✓	✓	✓	✓	✓	✓	✓	✓	✓	8
		Lakki							✓			1

B	Waantoota Fedhii Barattootaa Afaan Oromoo Akka Afaan Lammaffaatti Barachuuf Qaban Irratti Kanneen Dhiibbaa geesisuu Danda, an										
8	Barsiisaan yeroo barsiisu naamuuusni daree keessaa nikabajamaa?	Eeyyee		✓	✓	✓	✓			✓	6
		Lakki	✓					✓	✓		3
9	Teesumni jiruufi baay'inni barattootaa walgitaa?	Eeyyee	✓	✓	✓	✓	✓	✓	✓	✓	9
		Lakki									
10	Walitti dhufeenyi barataafi barsiisaa gidduu jiru gaariidha?	Eeyyee	✓		✓	✓	✓	✓		✓	7
		Lakkii			✓					✓	2
11	Haallii dhiyeessa barumsaa hawwataadha?	Eeyyee			✓	✓	✓	✓		✓	5
		Lakki	✓	✓				✓		✓	4
C	Barsiisonni Barattoota Isaanii Keessatti Fedhii Barnoota Afaan Lammaffaa Isaanii Itti Horuuf Ammam Tattaafatuu?										

12	Barsiistuu/an barattoota isaa keessatti fedhiifi kaka'msa uumuun akka walirraa barataniifi walgargaaranii gochuun carraa nikennaafii?	Eeyyee		✓		✓	✓		✓			4	
		Lakki	✓		✓			✓		✓	✓	5	
13	Barsiisaan/tuun duubdeebii barattootaaf kennuun isaan jajjabeessaa/tii?	Eeyye	✓			✓	✓	✓		✓		5	
		Lakki		✓	✓				✓		✓	4	
14	Barsiisaan meeshaa deegarsaa barnootaatti fayyadamuun ni barsiisaa?	Eeyyee										-	
		Lakki	✓	✓	✓	✓	✓	✓	✓	✓	✓	9	
15	Haalli barumsi itti kennamu kan barataa giddugaleessa godhatudha?	Eeyyee		✓		✓	✓			✓		4	
		Lakki	✓		✓			✓	✓		✓	5	
16	Barsiisaan yeroo barsiisu barattoonni nuffii tokkomalee akka shaakalani godha?	Eeyyee			✓	✓	✓	✓		✓		5	
		Lakki	✓	✓					✓		✓	4	
D	Rakkoolee Fedhii Barattoonni Afaan Oromoo Akka Afaan Lammaffaatti Barachuuf Qaban irratti Dhiibbaa Geessisuu danda'an Furuu Irratti												

17	Barattoonni gaaffii gaafatamanii Sodaan tokkomalee deebisuu?	Eeyyee	✓			✓		✓				3
		Lakki		✓	✓		✓		✓	✓	✓	6
18	Shaakala Kennamuufii offitti amanamuummaan hojjetuu?	Eeyyee	✓		✓	✓		✓		✓	Type	5
		Lakki		✓			✓		✓		✓	4
19	Barattoonni waan ifa hintaaaneefii yeroo gaafatan Afaan Oromootti fayyadamuu?	Eeyyee					✓			✓		2
		Lakki	✓	✓	✓	✓		✓	✓		✓	7
20	Barsiisaan kanbarataan dogoggoru irratti duubdeebii kennuun isaan qajeelchaa?	Eeyyee			✓	✓	✓	✓		✓		5
		Lakki	✓	✓					✓		✓	4

Furtuu; B1, Barsiisaan Mana barumsaa Mandaraa agarsiisu, B2 Barsiisaan Mana barumsaa Giinjoo agarsiis, B3 Barsiisaan Mana barumsaa Hibrat agarsiisafi Mana barumsaa Jimmaa sadarkaa 1<sup>ffaa</sup> agarsiisudha

### Mulistuu E: የእኔን አድዋና የስነ ትሁፎች ክፍል፤ ለተማሪዎች የቀረበ የጽሁፎች መጠረቁ

ይህንን ጥያቄ ለመመለከ የተሳተሩት ትማሪዎች አስቀድሞች ቅዱን አቅርብለሁ:::

የዚህ የዕሁፍ ጥያቄ አለማው የተማሪዎች ፍላጊት በዚህ ት/ብት አድማኝን እናደ ሁሉትና ቅንቃ ክ5 – 8ኛ ካፍል እየተማኑ ለለት ተማሪዎች በቻ ላይ የተከረ ጥናት ነው::

1. የት/ብቱ ስም \_\_\_\_\_ ካፍል \_\_\_\_\_ ዕድሜ \_\_\_\_\_
2. የታ \_\_\_\_\_ 3. የመጀመሪያ ቅንቃ \_\_\_\_\_

**መመሪያ:-** ከዚህ በታች ለለት ጥያቄዎች በጥንቃቄ ከነበረበ(ሽ) በኋላ ግልጽ በሆነ ሁኔታ መልስ(ሽ)::

- ተጨማሪ ሁኔታ ከለሁ(ሽ) በጀርባው ባለው አብራሪ

1. በአድማኝ ካፍል ጊዜ በማከበር በካፍል ወሰኑ የሆነ ትንኋላሁ?

ሀ. በመጀመሪ አልገኘም      ለ. ጥቂት ቅን      ፊ. አልፈ አልፈ      ሙ. እብዛኝውን ጊዜ      ሥ. ሁል ጊዜ

2. የአድማኝን ት/ርት መማር ትወዳለሁ?

ሀ. አልመድም      ለ. ፍላጊት የለኝም      ፊ. በጥቃቱ      ሙ. እወዳለሁ      ሥ. በግም እወዳለሁ

3. አድማኝን ስትማር ይልግበኝ በመጠየቅና ስትጠየቅም ለመመለስ ትጥረሰለሁ?

ሀ. በመጀመሪ      ለ. ስለማልፈልግ      ፊ. አልፈ አልፈ      ሙ. እብዛኝውን ጊዜ      ሙ. ሁል ጊዜ

4. ተከጠሸን የበት ስራ የካፍል ስራ በአግባቡ ስርተሁ ለእስተማሪሁ ታሳያለሁ?

ሀ. አለሳይም      ለ. ፍላጊት የለኝም      ፊ. እንዲንደ ጊዜ      ሙ. እብዛኝውን ጊዜ      ሥ. ሁልንዱ

5. በካፍል ወሰኑ አብር በመዋየትና በመመከከር ከሚሰሩት ተማሪዎች የዚህ እብረህ ትሳተፏለሁ(ሽ)

ሀ. አልሳተፍም      ለ. ፍላጊት የለኝም      ፊ. አልፈ አልፈ      ሙ. እብዛኝውን ጊዜ      ሥ. ሁልንዱ

6. የሚያስፈልገሁን የት/ርት መሳሪያዎችን በሚሟላት በካፍል ወሰኑ ትንኋላሁ?

ሀ. አልገኝም      ለ. በጥቃቱ      ፊ. አልፈ አልፈ      ሙ. እብዛኝውን ጊዜ      ሙ. ሁልንዱ

7. እስተማሪው(ዋ) ስትስተምር በካፍል ወሰኑ ስነስርዓት ታክብረለሁ?

ሀ. አለከብርም      ለ. በጥቃቱ እብረለሁ      ፊ. እንዲስፈላጊ ነው      ሙ. እብዛኝውን ጊዜ      ሌ. ሁልንዱ

8. እእስተማሪሁ የዚህ አቀራረብ አለሁ?

Ա. ՔԱՇՔԾՈՅ Լ. ՀՃԵ ՀՃԵ Ժ. ՈՄՈՒՆ ՀՂՋ Մ. ՈՒՍԻՇՎՈ ՀՂՋ Մ. ՈՐԳՈ ՀՂՋ

9. ՈՒՄՊԴԻ ՀՈՒՄՊԴԻ (Փ) ՈՒԽԴՆ ՀԸՊԸ ՀՆՁԴԴԿԴԴՆ ՀՆՁԴԴՆ ՔՈՂԺԴԴԱԾԱ?

Ա. ՔՐՈՂԺԴԴԱԾԱ Լ. ՀՃԵ ՀՃԵ Ժ. ՈՐԳՈ Մ. ՈՒՄՊԴԻ Մ. ՄՃԱԽ

10. ԴԱՇՖԸ ՔՓՀՈՂԺԸ ՔԽԴՆ ՀԸՊԸ ՄՈԶԳԴԸ ՔՈԶՈՒԴԿԸ (ԴԱ) / ՔՆՈՎԱ (ԴԱ)

Ա. ՔԸՆՁՈՒԴԿԾՈՅ Լ. ՈՐԳՈ ՀԸՊԸ Ժ. ԴՐԱՆ Մ. ՈՒՄՊԴԻ Մ. ՀԸՊԸ ՈՐԳՈ ԴԿԸ:::

11. ՔԴ/ԸԴ ՀՈՒՄՊԴԻ ԳՈՅՆ ՔՄԱ ՔՈԶՈՒԴԿԸ (ԴԱ)?

Ա. ԳՈՅՆ ՔԸՆՁՈՒԴԿԾՈՅ Լ. ՔՈՂԺԴԱԾԱ Ժ. ՈՄՈՒՆ ՔՈԶՈՒԴԿԸ Մ. ՀՈՒՄՊԸ ԴԿԸ  
Մ. ՈՐԳՈ ՔՈԶՈՒԴԿԸ

12. ՀՈՒՄՊԸ (Փ) ՈՒԽԴՆ ՔՄԱ ՔՄԱ ՔՄԱ ՔՄԱ ՔՄԱ ՔՄԱ?

Ա. ԳՈՅՆ ՀԸՊԸ ԱԾՈՎՔԾՈՅ Լ. ԱՀՆԲ ՓՆ ՈՒ Ժ. ՈՐԳՈ ՓՆ Մ. ՀՈՒՄՊԸ ԴԿԸ ՔՄԱ Մ. ՄՃԱԽ  
ՔՄԱ ՔՄԱ

13. ՀՈՒՄՊԸ ՊԱՀ ՔԱՄՆԱԺԸ ՈՐԸ ՀՈՒՄՊԸ ՀՆՁԴԴԿԴԸ ՀՏՔՎՈՎԸ ՄՈԾՈՒ ՈՄՈՒՈՒ ՔՈՂԺԴԴԱԾԱ?

Ա. ԳՈՅՆ ՔԸՆՁՈՒԴԿԾՈՅ Լ. ՈՐԳՈ ՓՆ Ժ. ՀՃԵ ՀՃԵ Մ. ՀՈՒՄՊԸ ԴԿԸ Մ. ՄՃԱԽ

14. ՀՈՒՄՊԸ ՔՈԶՈՒԴԿԸ ՈՉ ՈՄՈՒՈՒ ՔՈԶՈՒԴԿԸ ԳԸՍՒԴ ԴՀՁԴԸ ՀՆՁԴԴԿԴԸ ՀԸՊԸ ՔԸՆՁՈՒԴԿԸ?

Ա. ՀԸՊԸ Լ. ՈՐԳՈ ՀԸՊԸ Ժ. ՀՃԵ ՀՃԵ Մ. ՀՈՒՄՊԸ ԴԿԸ Մ. ՄՃԱԽ

15. ՀՈՒՄՊԸ ԴԱՄՊԸ ԴԿԸ (tutorial) ՔԸՆՁՈՒԴԿԸ?

Ա. ՈՒԾՎԾ ՀԸՊԸ Լ. ՈՐԳՈ ՓՆ Ժ. ՀՃԵ ՀՃԵ Մ. ՈՒՍԻՇՎՈ Մ. ՄՃԱԽ

16. ՀՈՒՄՊԸ ԴՔՎ ՈՄԸ ՈՄԸ ՈՄԸ ՈՄԸ?

Ա. ՀՃԵ ՀՃԵ Լ. ՈՐԳՈ ՀՃԵ ՀՃԵ Ժ. ՀՃԵ ՀՃԵ Մ. ՀՈՒՄՊԸ ԴԿԸ Մ. ՄՃԱԽ ՀՃԵ ՀՃԵ

17. ԻԴ/ԸԴ ՈՒԴ ՄՆ ՈՒԴ ՈՒԴ ՄՆ ՈՒԾՎ ՈՒԾՎ ՈՒԾՎ ՈՒԾՎ ՈՒԾՎ ՈՒԾՎ?

Ա. ՀՃԵ ՀՃԵ Լ. ՈՒԾՎ Ժ. ՀՃԵ ՀՃԵ Մ. ՀՈՒՄՊԸ ԴԿԸ Մ. ՄՃԱԽ

18. የለምንም አስተማር ቁጥጥርና ክትትል በራሳ በመተማማሪን አኅን አይቀን በመማርና ትግባታዎን ለማሳደግ የጊዜ ያህል ትስፈላሁ(ትጠረሉ)?

ሀ. የሚገኘው አልተርም ሌ. በመጠኑ እጥረሰሁ ፕ. አልይ አልይ እጥረሰሁ መ. አብዛኛውን ገዢ ሥ. ቤል ገዢ

19. አኅን አይቀን እንደ ሁሉተኛ ቅንቃ ለመማር እንቅሩት የሆነት ነገሮች የጊዜ የጊዜ የጊዜ ትልዕ

ትግባታለሁ? እብራራ

---

---

20. ትግርኛው ለልክቶው መፍትሬ የጊዜ መሆኑን አለበት?

---

---